INISTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QORANNOO SEERAA OROMIYAA

Qo'annoo Bu'aa Leenjii Hojiin Duraa: Leenjifamtoota Marsaa Duraa

Qopheessitootni :

1. Jamaal Qumbii,
2. Milkii Makuriyaa
3. Sulxaan Abdoo

waxabajjii ,2002
Ilqso
Adaamaa

BOQONNAA TOKKO
Qabiyyee fi Haala Waliigalaa Qo'annichaa

1.1. Seensa

Biyyi keenya Itoophiyaan gama heera mootummaa qabaachuutiin seenaa yeroo dheeraa kan qabdu ta'us fedhii fi faayidaa lammilee biyyattii irratti kan hundaa'e hin turre. Fedhii fi faayidaa lammiilees kan kabachiisee miti. Mootummaan Rippaablika dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa erga hundaa'ee fi heerri mootummaa bara 1987 A.L.I erga ragga'ee asi garuu fedhii fi faayidaa lammilee jiddugaleessa godhachuudhaan sirna dimokraasii ijaaruufi misooma biyyattii fiduuf tarsiimoo fi sagantaaleen adda addaa bahaniiru.

Biyya sirna dimokraasii ijaaruu fi misooma argamsiisuuf carraaqaa jirtu tokkoof immoo sirni haqaa cimaan jiraachun murteessaa qofa osoo hin ta'iin dirqamadha. Sirna haqaa cimaa yoo jennu immoo sirna heerawaa kan dagaagsu, ol'aantummaa seeraa kan mirkaneessu, nagaaf tasgabbii uumuudhaan investimantiif haala kan mijjeessu, mirgoota namoomaafi dimokraasii kan kabachiisu, fi hawaasaaf haqa kan argamsiisu jechuudha. Dhimmoonni kuni bakka sirni haqaa cimaan hin jirretti kan yaadamanii miti. Sirna haqaa cimaa ijaaruuf immoo ogeessota seeraa, keessattuu abbootii seeraa fi abbootii Alangaa beekumsa/dandeettii/ Seeraa, ogummaa fi naamusa olaanaa gonfatan, akkasumas miira fi ilaalcha tajaajilatummaa ummataa qaban/ horatan/ qabaachun murteessaadha. Ogeessotni seeraa kuni hojitti seenuudhaan dura ga'umsi ogummichi fi itti gaafatamummaan sun irraa barbaadu qabaachuu qabu. Sirni haqaa biyya keenyaa gama kanaan yoo ilaallu rakkoo cimaa fi wal-xaxaa kan qabu tune. Kunis ta'uu kan danda'eef sirna haqaatiif xiyyeeffannoon waan hin godhaminii fi ogeessotni barnoota koollejjii/yuniversiitiitti/ baratanii fi barmaatilee irratti hundaa'uudhaan kan hojjataa turan waan ta'eefidha.

Kanarraa ka'uudhaan sirna haqaa biyya keenyaa fooyyessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef, Mootummaan Rippaablika Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa baafatee hojjachaa tureera. Bu'uruma kanaan bara 1993 A.L.I sadarkaa mootummaa Federaalaatti wirtuun leenjii Abbootii seeraa fi Abbootii Alangaa akka kundaa'u ta'eera. Mootummaan Naannoo Oromiyaas dhimma kanaaf xiyyeeffannaa kennuudhaan socho'e

Inistitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa bara 1999 tti seeraan hundeesseera. [1]

Inistitiiyuutiichis kan hundaa'e leenjii yeroo dheeraa fi gabaabaa kennuu, gorsa seeraa kennuu, fi qo'annoo fi qorannoo seeraa gaggeessuudhaan rakkoolee sirna haqaa naannoo keenyaatti mul'atan hiikuu fi sirna haqaa cimaa ta'e diriirsuu akka kaayyoo waliigalaatti qabateeti. Kaayyoo waliigalaan ibsame keessaa inni tokkoo fi bu'uuraa ogeessota seeraa heeraa fi seera biyyattii hubatanii kabajuu fi kabachiisuuf dandeettii, ogumaa, naamusaa fi ilaalcha isaanitiin gahumsa olaanaa qaban horachuudha. Kana gochuudhanis sirna haqaa haqummaa, si'oomina, iftoomaa fi itti gaafatamummaa qabuu fi cimaa ta'e ijaaruudha. Kayyoon kunis galma kan ga'u barnoota seeraa koolleejjii fi Universiitiitti baratamuun qofa osoo hin taane leenjii saayinsawaa ogummaa Abbaa Seerummaa fi Abbaa Alangummaa kennuudhani. Sababni isaas hojiin abbaa seerummaa fi abbaa Alangummaa baay'ee ulfaataa fi gama hundaanuu ga'umsa olaanaa kan barbaaadu waan ta'eefidha. Leenjiin Institiiyuutichaan kennamus sagantaa lama of keessaa kan qabu yoo ta'u; isaaniis Sagantaa Leenjii Hojiin Duraa (pre-service training) fi Sagantaa Leenjii Hojii Irraa (In-service training).

Sagantaan leenjii hojii irraa/SLHI/ ga'umsa abbootii seeraa fi abbootii Alangaa hojirra jiranii ittifufiinsaan ijaaraa deemuuf yaadamee dhimmoota adda addaa irratti kan kennamu yoo ta'u sagantaan Leenjii hojiin duraa /SLHD/ immoo leenjifamtoota osoo hojitti hin seenin dura gahumsa hojii abbaa seerummaa fi abbaa Alangummaa barbaachisu akka qabaatan gochuuf kan yaadameedha. Inistitiyuutichi akkuma dhaabbateen gurraandhala bara 1999 A.L.I tti namoota 529 sadarkaa barnoota dipploomaa qaban ofitti fudhatee marsaa duraatin leenjisuu jalqabee ture. Leenjifamtoota kana keessaa namoonni 62 ykn gara %12 kan ta'an diploomaa olaanaadhaan universitii mootummaa irraa kan bahan yoo ta'u namoonni 467(88%) immoo dipploomaadhaan koolleejjii dhunfaa irraa sagantaa idilee fi al-idileetin kan eebbifamaniidha. [2]

[1] Dambii Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa ILQSO hundeessuuf bahe Lakk.77/1999,Fulbaana,1999 ALI

[2] Pirofaayilii Leenjifamtoota marsaa duraa,1999-2000 ALI

Leenjifamtootni kun erga gara Institiyuutiitti galanii eegalee karikulamii Institiyuutichaa irratti hundaa'uudhaan leenjin adda addaa waggaa lamaa fi walakkaaf kennameefi jira. Koorsiwwan kennamanis hanqina beekkumsaa kan guutan, ogummaa abbaa seerummaa ykn abbaa alangummaa kan gonfachiisan, naamusaa fi ilaalcha leenjifamtoota kan qaran fa'a keessatti argamu. Heerri mootummaas akka koorsii addaatti kennameefi jira.[3] Malli kenniinsa leenjiis mala leenjii Ga'eessota Hirmaachisaa (Interactive Adult Training methodology) yoo ta'u leenjichi leenjii daree, leenjii plaazmaa fi leenjii shaakalaatin meesholee leenjiif barbaachisaniin deegaramuun kennameera.

Madaallin leenjifamtootaas kan geggeeffame bifa sadiin yoo ta'u isaaniis madaalli itti fufiinsa leenjii irrattii, madaallii bu'aa hojii shaakalaa fi madaalli qormaata xumuraati. Cuunfaan bu'aa madaalli kanas dhibbarraa ta'ee dhuma leenjichaa irratti dhirri %50 fi dubarri %40 ol jiddugaleessaan kan fidan abbaa seeraa ykn abbaa Alangaa ta'anii akka muudaman ta'eera. Bu'uruma kanaan Adoolessa, bara, 2001 namoonni ***508*** kan eebbifaman yoo ta'u isaan keessaa namoonni ***351*** Abbaa seeraa Aanaa ta'anii yoo muudaman ***157*** immoo Abbaa Alangaa Aanaa ta'anii muudamaniiru.[4] Kanaafuu Inistiitiyuutichi sagantaa leenjii hojiin duraa kennaa ture kana irratti xiyyeeffachuudhaan bu'aa leenjichaa bifa saayinsawaa ta'een madaaluuf jecha ***Qo'annoo Madaallii Bu'aa Leenjii Hojiin Duraa*** (Pre-service training impact Assesment) geggeessun barbaachisaa ta'ee waan argameef qorannoon kun qophaa'eera.

1.2, Kaayyoo Qo'annichaa

Kaayyon waliigalaa qo'annoo kanaa leenjiifamtootni leenjii hojii duraa marsaa duraatiif fudhatanii xumuruun Aanaalee Oromiyaa garaagaraatti ramdamanii hojjachaa jiran hangam Heeraa fi sirna Heeraa biyyattii hubatanii kabajanii kabacdhiisaa jiran kan jedhuu fi ga'umsi isaan gama beekkumsaa, Ogummaa, naamusaa fi ilaalcha tajaajilatummaatin qaban maal akka

---

[3] Kaarikulamii leenjii Institiyuutii Leenjii ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa.

[4] Gabaasa Institiyuutichaa raawwii karoora bara 2002,kurmaana 3ffaa

fakkaatu madaaluudha. Jecha gabaabaan yoo keenyu bu'aa sagantaa leenjii hojiin duraa madaaluudhaafi. Bu'uruma kanaan qo'annaan kun kaayyoo adda addaa armaan gadii ni qabaata:

- Ogeessotni leenjicha fudhatanii hojitti bobba'an kuni beekkumsa, ogummaa, naamusaa fi ilaalcha turtii leenjii kanaan horatan hangam gara hojiitti ijjiiruudhaan hawaasa naannoo keenyaa garaa ga'aa jiru kan jedhu xiinxaluudhaan sadarkaa beekkumsaa, ogummaa, naamusaa fi ilaalcha tajajailtummaa isaanii addaan baasuudha,

- Leenjii kenname irraa ogeessotni kuni hangam heeraa mootummaa hubatanii kabajuuni fi kabachisuudhaan mirgoota dhala namaa heeraan eegumsi godhameef tiksu kan jedhu beekuuf ,

- Madaallin godhamu kanaan firii leenjiiwwan kennamanii xiinxaluudhaan qaawwa leenjichaa osoo hin cufamin hafan agarsiisuu fidha,

- Garaagarummaa ogeessota leenjicha fudhatanii fi hin fudhatin jidduu jiru baruu fi hubachuuf

- Argannoo qo'annoo kanaa irratti hunda'auudhaan inistitiyuutichi of duraaf maal hojjachuu akka qabuu fi akka of madaalu ciicata gaarii akka ta'uuf godhuu fi

- Daangaa leenjichi irratti kenname irraa ka'uudhaan bulchiinsaa fi kenniinsa tajaajila haqaa fi hojmaata haaraa yeroo ammaa diriiran keessatti bu'aan leenjii hojiin duraa maal akka ta'e adda baasuudha.

1.3, Daangaa Qo'annichaa

Qo'annoon kun leenjifamtoota sagantaa leenjii hojii duraatin /SLHD/ bara 1999 irraa eegalee hanga bara 2001 tti Inistitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaatti leenji'anii eebbifamuun abbaa Alangaa Aanaa fi Abbaa seeraa Aanaa ta'uudhaan muudamanii yeroo ammaa Godinoota nannichaa adda addaa keessatti hojjachaa jiran irratti qofa kan xiyyeeffatuudha. Kana waanta'eef leenjifamtoota leenjii hojii irraa Inistitiyuutichi irraa fudhatan kan ilaallatuu miti. Leenjifamtoota wirtuu leenjii Federaalaa irraa eebbifamanis hin ilaallatu. Kanaafuu Qo'annichi leenjifamtoota armaan olitti ibsama qofa irratti kan daangeffamu ta'a.

1.4**, Faayidaa Qo'annichaa**

Ka'umsi qo'annaa kanaa sagantaan leenjii hojiin duraa kenniinsa tajaajila haqaa Naannoo keenyaa fooyyessuu keessatti bu'aa fi faayidaa argamsiise xiinxaluu fi madaaluudhafi. Haaluma kanaan qo'annaan kun bu'aalee armaan gadii ni qabaata:-

- Naamusni ogeessota seeraa leenjii hojiin duraa fudhatanii Inistitiyuuticha irraa eebbifamuun abbaa seeraa fi Alangaa Aanaa ta'anii hojjachaa jiranii sadarkaaa maali irra akka jiru kan nutti agarsiisu ta'a.
- Ilaalchi fi miirri taaajiltummaa ummataa ogeessota kanaa ka'uimsii fi sochiin isaan kabajamuu heeraa fi mirgoota naannoomaatif qaban maal akka fakkaatu nu hubachiisa,
- Dandeettin seeraa fi ga'umsi ogummaa isaanii maal akka fakkaatu nu hubachiisa.
- Inistitiyuutichi argannoo qo'annaa kana irraa ka'uu dhaan ciminoota fi hanqinoota sagantaa leenjii hojiin duraa hubatee ciminootni daran cimanii akka itti fufan, hanqinootni akka fooyya'anii fi kallattii of duraaf deemamuu qabu kan agarsiisu ta'a.
- Manni Murtii Waliigalaa fi Biiron Haqaa Oromiyaa madaallii ofii isaanitiin geggessan irratti dabalataan sadarkaa ga'umsa abbootii seeraa fi Abbootii Alangaa mana hojii isaanii fi jijjiirama leenjichaan dhufe kan hubachiisu ta'a.
- Mootummaa Naannoo Oromiyaas ta'ee Federaalaa sagantaan leenjii hojiin duraa kenname jijjiirame kenniinsa tajaajila haqaa irratti fide ni hubatu,
- Qo'annichi qo'annaa of duraaf mana hojjichaatin ykn qaama biraatin adeemsifamuu fis akka ka'umsaa fi ragaatti gargaaruu ni danda'a.

1.5. Mala Qo'annoo fi maddoota Odeeffannoo

1.5.1. **Mala Qo'annichaa**

Qo'annoon adeemsa waa argachuuf godhamuudha. Argannoo qo'annoo tokko irra ga'uuf immoo gosoota qo'annoo addaa addaa fi maloota qo'annoo adda addaatti fayyadamuun dirqama. Bu'uruma kanaan qo'annoon garee qo'attootaa keenyaan godhames bu'aa sagantaa leenjii hojiin

duraa xiinxaluu fi madaaluu waan ta'eef, gosoota qo'annoo beekkaman sadan keessaa gosa qo'annoo poolisiiwwan, sagantaawwanii fi raawwatamiinsa isaanii madaaluu fi gamaaggamuu(Evaluative research) dha.[5] Kana malees qo'annoon kun maloota qo'annoo beekkaman lamaan (the two major research approaches) keessaa mala qo'annoo kuwaaliteetivii kan fayyadamu ta'a.[6] Gareen qo'attootaa qo'annaa kanaa mala kana fayyadamuu kan danda'aniifis malli kun gaaffilee qo'annoo bakka kanatti maaltu hojjatamaa jira jedhuuf yaada, ilaalcha, miira fi hubannoo hirmaattota qo'annichaa irratti huda'uudhaan kan madaalu waan ta'eefi dha.

1.5.2. Gosa, Baay'ina Hirmaattota Qo'annichaa Fi Iddoo hammatu (Area of Coverage)

Qo'annaan kun gara yaada waliigalaa tokkotti dhaqqabuuf yaadota ogeessota leenjii hojiin duraa fudhatanii fi daawwannaa hojjii isaanii qofarratti kan hundaa'e osoo hin ta'in ogeessota leenjii kana osoo hin fudhatin gita hojii wal-fakkaataa fi garaagaraarratti bobba'anii hojjachaa jiran, akkasumas qaamolee biro dhimmamtoota ta'anii fi abbootii dhimmaa mana hojii ogeessotni kuni itti hojjachaa jiranillee bifa hammateeni ta'a. Madaallinis kan godhamu warra LHD fudhatanii fi warra leenjicha osoo hin fudhatin sadarkaa muuxannoo walfakkaataa fi yeroo walfakkaataa keessa hojitti galan walbira qabuudhaan yoo ta'u, darbee darbee iddoo barbaachisaa ta'etti ogeessota muuxannoo hojii dheeraa qabanis haalli itti madaallichi ilaale uumameera. Qo'annichi Godinoota dhimma kanaaf filataman ***jaha*** fi Aanaalee isaan jalatti argaman ***26*** irratti kan gaggeeffame yoo ta'u isaanis akkaataa baay'ina leenjifamaa qabaniitin kan filatamanii dha.Dabalataanis godina tokkoo fi aanolee saddeet godinicha keessatti argaman wayita walgahii qabanitti deemamee odeeffannoo funaanuun danda'ameera. Bal'inaan qabatee armaan gadii irra ilaaluun ni danda'ama.

Gabatee 1^{ffaa}: Ibsa Godinaalee fiAanaalee Qaamaan Dhaqabame

[5] A hand Book of research process pp.13-14 ananta narayanan raman& jayashree, 2006 ALI

[6] kan olii fuula 121-123

T.L	Maqaa Godinaa	Maqaa Aanaalee
1	Shawaa Bahaa	A/Adaamaa,Loomee,Boora,Duugdaa,Adaamii Tulluu,
	Arsii Lixaa	A/Shaashamannee, kofalee, Dodolaa,
3	Baalee	Sinaanaa, Goobbaa, Agaarfaa, Gaasaraa, Gindhiir
4	Sh/Kii/Lixaa	Aa/Walisoo, sooddoo Daaccii, Iluu, Qarsaa Maallimaa
5	Wa/Bahaa	Aa/Diggaa, A/Jimma Arjoo, kiramu
6	Hararge Lixaa	Ciroo,Odaa Bultum,Galamsoo,Hirnaa

Qo'annaan kuni akka waliigalaatti namoota **416** kan hirmaachise yoo ta'u bal'innaan gabatee armaan gadii irraa ilaalun ni danda'ama.

Gabatee 2^{ffaa} :Ibsa gosaa fi baay'ina maddaalee daataa

T.L	Gosa hirmaattotaa yaada kennanii	Baay'ina raawwii	Kan karoorfame
1	Abbootii seeraafi abbootii Alangaa LHD fudhatan	125	150
2	Abbootii Seeraa fi abbootii Alangaa LHD hin fudhatin	78	100
3	Hoggantoota manneen murtii fi waajjiraalee haqaa sadarkaa adda addaa	74	70
4	Abbootii seeraa fi Abbootii Alangaa Godina	29	40
5	Abukaatotaa fi dubbii fixxoota waajjiraalee	18	20
6	Ofisaroota seeraafi barreessitoota Dhaddachaa	42	32
7	Abbootii dhimmaa dhunfaa	17	20
8	Miseensota polisootaa gita hojii adda addaa	21	30
9	Waajjira dhimma dubartii fi bulchiinsaa fi nageenyaa	6	7

Kana malees marii garee ***lama*** Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa LHD hin fudhatin kophaatii, marii garee ***lama*** warra LHD fudhatan kophatti, Garee lamaanuu immoo iddoo tokkotti mariin ***lama*** gaggeeffameera. Walumagalatti mariin garee ***jaha*** kan gaggeeffame yoo ta'u bu'uruma karooraatin raawwatameera. Xiinxala dhimmoota ***57/100*** fi do'annaan dhaddachaa ***11/12*** geggeefamaniiru.

Qo'annaa kana keessatti yaadni ogeessota leenji'anii fi hin leenji'inii, mariiwwan garee doo'annoo dhaddachaa fi galmeelen hidhata cimaa ijoo qo'annoo waliin qaburraa kan ka'e bakki adda addaa kan kennameef yoo ta'u yaadotni garee dorgomaadhaan kennamanis loogummaa fi miira dorgommii jiraachuu danda'uun wal qabatee dhugummaa (reality) qo'annichaa akka hin miine of-eeggannoon barbaachisu hundi godhameefi jira. Yaadota gaafilee barreeffamaa fi afaanii irraa argamanis yeroo walsimuu oolanittis gareen qo'annichaa ejjannoo yaada gaafii afaanirraa argaman kan qabatu ta'a. Gaafileen barreeffamaa jarjaraan, dantaa dhabeessummaani fi sababa irratti osoo hin hundaa'in guutamuu waan danda'aniif gaafilee afaanitiif xiyyeeffannaan godhameefi jira.

1.5.3, Tooftaalee Funaansa Daataaf Oolanii Fi Akkaataa Funaansaa

a. Gaaffii /Qomaa/ Afaanii (Interviews):

Malli funaansa daataa kun gareen qo'annaa raawwatu tokko hirmaattota isaaf haasawaa gochuun miiraa fi yaada isaanii karaa itti hubachuu danda'u dha. Bu'uuruma kanaan qo'annoo kana keessatti uunkaaleen barreeffamaan (interview guides) bifa jaha ta'an eega qophaa'anii sanarratti hundaa'uudhaan hirmaattota kanaaf gaaffileen garee qo'attoota irraa afaaniin gaafatamanii deebii hirmaattotaas yeroodhuma sanatti haalli ittiin galmaa'u uumameera. Yeroo hedduu geggeessitooni qorannoo gaafilee afaanii teeppii fi vidiyoodhaan waraabanii erga raawwatannii barruutti kan jijjiran yoo ta'u, qorannoo keenya kan keessatti daataa haalaan bal'aa ta'e kana bifa kanaan qindeessuuf yeroo hedduu kan gaafatuufii hojii dabalataa waan uumuuf adeemsa kana hin filanne.

b. Gaafffii Barreeffamaa (Questionnaires)

Malli daataan ittiin funaanamu kun gaaffilee qo'annichaaf gargaaruu danda'an garee qo'annichaatiin qophaa'uun hirmaattota mataa isaanittin guutamee kan garichaaf deebi'udha. Qorannoo kana keessattis gaaffileen barreeffamaa hirmaattota gosa ***shanii*** kophaa kophaatti eega qopha'anii raabsamanii guutamanii deebi'anii jiru.

c. Gaaffilee Marii (Focus Groups)

Mallii kun gaaffii afaanii garee hirmaattotaa waliin godhamu yoo ta'u yeroo fi baasii kan qusatu odeeffannoo yaadota garaagaraatiin gabbate argachuufis kan dandeessisu dha. Qo'annoo kana keessattis bu'aawwan isaa kanarraa ka'uun gaaffilee marii gargaaramuun barbaachisaa ta'uu garee qo'annichaatiin itti amanamee gaaffilee marii kana geggeessuuf kan deeggaru uunkaan tokko qophaa'ee mariiwwan garee ***jaha*** gaggeeffamaniiru. Marii taasifamu kanas miseensonni garee qo'annichaa yeroodhuma sana akka galmeessan ta'eera.

d. Do'annaa Dhaddachaa (Court Observations)

Do'annaa hojii dhaddachaarratti argamuun godhamuun maloota kaan caalaa daataa bifa garaagaraa argachuuf nama dandeessisa. Qo'annoo gareen kun gaggeesse keessattis mala bifa birootiin odeeffannoo argachuuf rakkisaa ta'an irratti malli daw'annaa kun akka hojiirra oolu ta'eera. Do'annaa dhaddachaa raawwataman kanneenirrattis taateewwan mul'atan hunda akkaataa teessuma waantotaa irraa ka'uun ofeeggannoon akka yeroodhuma sanatti galmaa'u ta'eera.

e. Do'annaa Galmee

Akkuma beekamu sadarkaa ga'uumsa ogeessota kanaa ogummaa fi beekumsa (dandeettii) isaanii ilaallatu maloota armaan olii kana qofaan madaaluun baay'ee rakkisaa dha. Gama kanaan ciminaa fi dadhabbina jiru hubachuuf gargaarsa ol'aanaa kan qabu do'annaa galmeewwan ogeessotni kun hojjetan ta'uu danda'a. Bu'uuruma kanaan gareen qo'annaa kunis galmee yakkaa fi siivilii kan ogeessota LHD fudhatanii fi hifudhatiniin hojjetaman irraa lakkoofsaan kan walgitu akka waliigalaatti galmeeleen 57 ol ta'an ilaalamuu danda'eera.

1.5.4, Haala Qindoominaa Fi Xiinxala Daataa (Odeeffannoo)

Xiinxala odeeffannoo bal'aa fi maddawwan hedduurraa walitti qabame kanaaf mala akka walitti dhiyeenya bifa odeeffannoowwaniitiin walitti fiduun qoqqooduu (cutting & pasting relevant sections) kan hordofamu ta'a. Adeemsa kanarrattis hirmaattota garaagaraatiin deebiin gaaffilee walfakkaatoo irratti kennaman walwajjin makamee kan xiinxalamu ta'a. Deebiiwwan gaaffilee qo'annichaarratti kennaman kunii fi do'annaan godhames barruun galmaa'ee kan jiru yoo ta'u yeroo xiinxalamu miseensota garee qo'annichaatiin dubbifamee hiikkoon itti kennamaa deema jechuu dha. Akka waliigalaatti xiinxalli qo'annichaa odeeffannoo bal'aa funaaname kana haala ibsame kanaan qindaa'uudhaan humna amansiisuu danda'u akka qabaatu godhamee jira. Bu'uruma kanaan ulaagaaleen madaallii qo'annichaa beekkumsa, ogummaa, naamusaa fi ilaalcha jedhamanii addaan bahaniiru. Ulaagaalee kanaafis safartuuwwan (measurment indicators) addaan bahanii taa'aniiru.

Haaluma kanaan :-

- Hubannoon ogeessonni kun duudhaalee fi qajeeltowwan heeraa fi seeraa irratti qaban, argamaa fi kaayyoo seerota adda addaa beekuu, seerota muummee / bu'uraa/ fi seerota deemsa falmii fi kkf akka safartuuwwan beekkumsa seeraatti fudhatamanii madaalliin ittin geggeeffameera. Ga'umsi ogeessotni kun of danda'anii hojii abbaa seerummaa ykn abbaa alangummaa hojjachuu irratti qaban, falmii dhaddachaa geggeessuu, raga madaaluu, murtii barreessuu, shanacha hogganuu fi kkf akka safartuu ogummaatti fudhatamanii madaallin gaggeeffameera.

- Gama naamusaatinis safartuuwan akka saa'aa hojii kabajuu, faayidaan hojjachuu dhabuu, loogii fi gartummaa irraa bilisa ta'uu fi kkf irratti hundaa'uudhaan madaallin godhameera

- Ilaalcha ogeessota kanaa ilaalchisees safartuuwwan akka miira tajaajiltummaa, waliigalteen gareen hojjachuu, kabajamuu mirga namoomaa fi kkf irratti hundaa'uudhaan ilaalameera.

Gareen qo'annaa kunis gaaffiwwan hirmaattota gaafataman, mariilee geggeeffaman, daawwannaa taasifamee fi xiinxala dhimmootaa godhame ulaagaalee qo'annichaa fi safartuuwwan isaanii waliin qindeessuudhaan qo'annicha kana of- eeggannoon geggeesseera.

BOQONNAA LAMA

I. LEENJII HOJIIN DURAA: INSTIITIYUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QORANNOO SEERAA OROMIYAA (ILOQHQSO)

2.1, Hundeeffama, Kaayyoo Fi Dirqama Hojii ILOQHQSO

A, Hundeeffama

Sirna haqaa hawaasa tokko keessatti dagaagsuufis ta'e tursiisuuf ogeessota qaamolee haqaa amala addaa kenniinsa tajaajila haqaa naannoo sanaa waliin walbaran, seerota naannicha keessatti yeroo yeroon bahan irrattis hubannoo kan qabaniifi haala gaariin leenji'an horachuun dirqama.[7] Galma gahiinsa kaayyoo kanaaf immoo leenjii garaagaraa ogeessota qaamolee haqaatiif kennuun karaa isa duraa ta'uu danda'a. Sadarkaa ogummaa, dandeettii, naamusaa fi ilaalcha ogeessota qaamolee haqaa kana ijaaruun qaamolee haqaa mirgoota bu'uuraa lammiiwwaniif wabii ta'an, iftoominaa fi amantaa uummataa qaban horachuun gaaffii yeroo ti.[8] Waan ta'eefis sirna haqaa biyya tokkoo fi naannoolee dagaagsuuf yoo barbaadame sirna leenjiin barbaachisaa fi walirraa hincinne kennuuf qaamni kallattiin itti gaafatamummaa fi ergama kana fudhatu jiraachunsaa barbaachisaa akka ta'e waan wal nama gaafachiisu miti.[9]

Yaada bu'uuraa kanarraa ka'uudhaan INSTIITIYUTIIN LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QORANNOO SEERAA OROMIYAA dambii lakk 77/2007 ta'een kan hundaa'e yoo ta'u,ogeessota qaamolee haqaa muummeedhaan abbaa seeraa, abbaa alangaa, rejistraarota, gargaartota isaanii fi abukaattota ittisaa fi ogeessota biroo qaamolee haqaa keessatti hojjataniif kan leenjii kennu dha.[10]Itti-waamamni Inistiitiyuutichaa M/M/W/Oromiyaatiif ta'ee,[11] Hojii

[7] Menberetsahay Tedese,Expected missions and objectives of the proffeesional legal training institute for the Ethiopian justice system,qorannoo bara 2003 dhiyaate(kan hin maxxanfamne),fuula122-123.
[8] Miljalee lakk.1,galma(preamble)
[9] Kanuma olii kana
[10] Kan olii, kewt.1 fi 2(2)

Inistiitiyuutiichaas kan qindeessuu fi to'atu Gumii miseensota sagal of-keessaa qabu dha.[12] Walitti-qabaan gumii kanaas perezidaantii M/M/W/Oromiyaa ta'ee itti aanaan Walitti qabaa Hogganaa B/H/Oromiyaa ti.[13] Hoogganaan biiroo ijaarsa dandeettii, Itti gaafatamaan qajeelcha qorannoo fi qo'annoo M/M/W/Oromiyaa, I/G qajeelcha dhimma seeraa fi qo'annoo Biiroo Haqaa,Perezdaantiin M/M/Olaanaa M/M/ Waliigalaatiin bakka bu'u tokko,I/G/Q/Haqaa godinaa Biiroo Haqaatiin bakka bu'u tokko fi Diiniin faakaaltii seeraa Yuunivarsiitii tokko miseensa gumiiti.[14]Daarikteerri Inistiitiyuutichaa walitti qabaa gumiitiin dhiyaatee gumichaan kan muudamu yoo ta'u gumiichaafis barreessaa fi miseensa dha.[15] Daarekterri Insitiityuutichaa hoogganaa Inistiitiyuutichaa ta'a. Hojii Inistiitiyuutichaas bu'uura qajeelfama gumiitiin kan gaggeessuufi qindeessu daarikteera instiitiyutichaa ti.[16]

B. KAAYYOO ILOQHQSO

Inistiitiyuutichi ijaarsa sirna dimokraasii keessatti gahee qaamoleen haqaa mirgoota lammilee bu'uraa akkasumas sirna heeraa fi seeraa mirkaneessuu keessatti qaban hubachuudhaan kaayyoowwan waliigalaa armaan gadii qabatee hundaa'eera:[17]

- Qaamolee haqaa ogeessota kabaja sirna heeraa tiif kutannoon dhaabbatan baaynaa fi qulqullina baarbaadamuun horachuu;
- Sirni haqaa naannichaa ogeessota dandeeti ol'aanaa, naamusa gaarii fi amantaa fi quuqama uummataa qabaniin akka ijaaramu gochuu;
- Kenniinsa tajaajila haqaa qajeeltowwan ol'aantummaa seeraa, iftoominaa fi itti gaafatamummaa irratti hundaa'e qindoominaa fi bifa tokkummaa qabuun mirkaneessuu;
- Naannicha keessatti sirna haqa bu'a qabeessa ta'e si'oomina fi haqqummaa qabu mirkaneessuu dha.

---

[11] Kanuma olii, kewt 4(2)
[12] Kan olii, kewt 9
[13] Kanuma olii
[14] Kanuma olii
[15] Kanuma olii
16kanuma olii,kewt 14(2)
17kanuma olii, kewt 6

Kanaaf institiyutichi qaamoleen haqaa hubannoo heera biyyittii gahaa ta'e horachuun ijaarsa sirna dimokraasii fi ol'aantummaa seeraa kabajchiisuu keessatti gahee isaanirraa eeggamu akka bahuu danda'an gargaara.Sirni haqaa keenya si'aawaa,bu'a qabeessaa fi haqa qabeessa akka ta'uufis ni hojjata.

C. Dirqama hojii Instiitiyutichaa

Instiitiyutichi hojiiwwan ijoo armaan gadii ni qaba:

1. Hojii leenjii kennuu : leenjiin bifa lama qabu kan kennamu yoo ta'u leenjii hojii irraa fi leenjii hojiin duraa ti.

a. Leenjii hojiin duraa jechuun leenjii abbooti seeraa, abbootii alangaa, rijistraara, abukaattoo ittisaa akkasumas hojjatoota seektara qaamolee haqaa kana ta'uudhaan gara sirnichaatti haarawaa makamaniif sagantaa yeroo dheeraatiin kennamu dha.[18]

b. leenjii hojii irraa jechuun immoo ogeessota hojiiwwan armaan olii kana irratti bobba'anii argamaniif ga'uumsa isaanii cimsuuf yaadamee kan kennamu dha.[19]

2. Hojii qorannoo fi qo'annoo gaggeessuu : Hojii leenjiin alatti hojii guddaan Inistiitiyuutichi hojjatu inni biroon rakkoowwan hojimaataa, kenniinsa tajaajilaa, fi yaadota fooyya'iinsaa irratti qo'annoo fi qorannoo geggeessuu dha.[20]

2.2. SOCHII HOJII ILOQHQSO

2.2.1. *WALIIGALA*

Instiitiyutichi yeroo gabaabaa hojii jalqabe kana keessatti hojii bal'aa ta'e hojjachaa akka jiru ni beekama.Guraandhala1999 hojii ijootti kan gale instiitiyutiin kun sagantaa leenjii hojii duraatiin leenjifamtoota 900 ol ta'an hanga bara kanaatti simatee jira. Isaan keessaas leenjiifamtootni marsaa duraa 508 ta'an leenjicha xumuranii yeroo ammaa hojiirratti argamu. Leenjifamtootni 385 ta'anis marsaa 2ffaa fi 3ffaadhan leenjicha fudhachuutti argamu.[21]Leenjiin hojiirraas xiyyeeffannoon olaanaa ta'e kennameefi bara 2000 as ogeessota qaamolee haqaa garaa garaa

[18] Kanuma olii kewt 7(1).
[19] Kan olii,kwt 7(2).
[20] Kan olii,kwt 7(3).
[21] Gabaasa raawwii hojii institiyutichi gumiif dhiyeesse,bara2000-2002,kan hin maxxanfamne.

6,939 ol ta'aniif leenjiin gabaabaa fi bara 2002 irraa eegalee sagantaa dheeraatiinis kennamaati jira.[22] Gama hojii qo'annoo fi qorannootiinis hojiiwwan hojjataman kan jiran yoo ta'u, bu'aawwan hojii qorannoo kana keessaas kan workishooppiif dhiyaatanii fi qophii mojuulii leenjii keessattis kan hojiirra oolan ni jiru. [23]

2.2.2. Sochii hojii leenjii

A. SOCHIIWWAN instiitiyutichi gama leenjii hojii duraatin raawwate:

Leenjii hojiin duraa jechuun leenjii abbooti seeraa, abbootii alangaa, rijistraara, abukaattoo ittisaa akkasumas hojjatoota seektara qaamolee haqaa kana ta'uudhaan gara sirnichaatti haarawaa makamaniif sagantaa yeroo dheeraatiin kennamu ta'uu armaan olitti ilaallee jirra. Haa ta'uyyuu malee hanga ammaatti leenjiin kun kennamee kan jiru ogeessota abbaa seeraa fi abbaa alangaa ta'uudhaan qaamolee haqaa naannichaatti makamuuf jedhaniifi dha. Kunis itti- gaafatamummaa fi gahuumsi hojiin abbaa seerummaa fi abbaa alangummaa gaafatu olaanaa ta'uu fi ga'uumsa kanas baruumsa seeraa koolleejii fi yuunivarsiitiitti kennamu irraa argachuu kan hin danda'amne ta'uu irraa kan madde dha. [24]

Sagantaan leenjii hojiin duraa instiitiyutichaa inni jalqabaa ogeessota seeraa dippiloomaa fi dippiloomaa ol'aanaa qaban ***529*** ta'an ji'a guraandhalaa bara 1999 keessa ofitti fudhachuudhaan hojii leenjii jalqabame yoo ta'u, leenjifamtootni marsaa duraa kunniinis bu'uura kaarikulamiitiin koorsiiwwan 5 gahan irratti leenjii qophaa'e eega fudhatanii shakala marsaa duraatiifis akka bobba'an godhameera.[25]Itti aansuunis, kaariikulamii leenjichaa irratti hundaaúudhaan, koorsiiwwan leenjifamtoota marsaa duraa kanaaf mata dureewwan 13 ol ta'an irratti kennameera.[26] Dhimmoota kanaan alattis koorsiiwwan kaariikulamii keessatti hin haammatamiin turan garuu immoo barbaachisummaan isaanii itti amaname biroo kanneen akka: ***Seeraa fi Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Oromiyaa fi JBAH*** irratti leenjiin leenjifamtootni kun fudhatan ni jira. Kanaan alattis kutaa barnootaa yaadame hunda erga uffisanii sagantaa shaakallii marsaa

[22] Kanuma olii
[23] Kanuma olii
[24] Dasaa Bulchaa,LHD a/seeraa a/alangaa keenyaaf:barbaachisummaa,fayidaa fi haala kenniinsaa,kan hin maxxanfamne.

[25]Miiljalee lakk.21 irratti kan caqasame kana,2000.
[26]Kauma olii,bara 2001

hafee akka raawwatan ta'ee jira. [27] Leenjifamtoota marsaa duraa kana keessa ***508*** kan ta'an leenjicha akka kaarikulamiitti waan xumuraniif Adoolessa 2001tti eebbifamanii, jalqaba bara 2002tti bu'uura ramaddii institiyutichaatiin abbaa alangaa fi abbaa seeraa ta'uun aanolee irratti ramadamuun hojiitti akka bobba'an ta'eera. Leenjifamtoota leenjii marsaa duraa eegalan 529 kana keessaa 14 sababa hir'ina naamusaatiin, kan hafan 7 immoo sababa hin beekamneen leenjicha addaan kutaniiru.Kanneen eebbifaman keessaa 350 gara Mana Murtii Waliigala Oromiyaatti, 158 immoo gara Biiroo Haqaatti ergamanii hojiitti akka bobba'an ta'eera.[28]

Karaa biraatiin, sagantaadhuma leenjii hojiin duraatiin marsaa 2^{ffaaf} leenjifamtoota seeraan digirii jalqabaa qaban filachuun kurmaana sadaffaa bara 2001 keessa leenjifamtoota digirii jalqabaa qaban baay'inni isaanii ***138*** ta'an simatamanii leenjii itti fufanii jiru. Leenjichaan koorsiiwwan 5 ol ta'an kennamuun shaakallii hojiirraa marsaa duraatiifis bahaniiru. Leenjii marsaa kanaa waliin walqabatee bara 2002 keessa mata dureewwan **17** irratti leenjistoota instiitiyutichaa fi federaalaatiin leenjiin yeroo ji'oota afuriif ture yoo kennamu, gama ***naamusaa fi ilaalcha*** isaanii gabbisuutiinis to'annoo fi hordoffii, marii fi gamaaggamni,tarkaanfiin naamusaa garaagaraas kan fudhatama ture ta'uun ni beekama.[29] Bara 2002 tti leenjifamtoota digirii jalqabaa qaban ***250*** ta'an sagantaa LHD tiin marsaa sadaffaadhaan kan simataman yoo ta'u,namootni **25** Ministeera Haqaa irraa deggarsaan simatamaniiru. Walumatti marsaa 3ffaadhaan leenjifamtoota **275** ji'a Sadaasaa 2002 irraa leenjii kan eegalan yoo ta'u,leenjifamtootni kunis akkaataa sagantaa kaarikulamii leenjichaan koorsiiwwan barbaachisaa ta'anii fi shaakallidhaanis leenjii itti fufanii jiru.[30]

B. Sochiiwwan Gama Leenjii Hojii Irraatiin Raawwataman

Sagantaa leenjiii hojiin duraa cinaattis ogeessota seeraa qaamota haqaa keessatti itti gaafatamummaa adda addaa irratti argamaniif instiitiyutichi xiyyeeffannaa olaanaadhaan leenjii hojiirraa kennaa jira. Bara 2002 irraa eegalee leenjichi bifa lamaan gaggeeffamaa jira.

[27]Kanuma olii,2001

[28]Miiljalee lakk.4
[29]Kanuma olii
[30]Kanuma olii

i) Saganta yeroo gabaabaa

Leenjii hojiin duraa sagantaa leenjii yeroo gaggabaabaa gara garaa qophaa'aa kun ture yoo ta'u,qaamolee adda addaa kan akka M/M/W.Oromiyaa,B/H/Oromiyaa,Biiroo Galiiwwanii,fi k.k.f waliin ta'uudhaan instiitiyutichi leenjiiwwan babal'aa ta'an kennaa kan ture yoo ta'u,leenjiiwwan bara 2000 as kennaman akka itti aanutti gabatee keessa kaa'uun dhiyeessuuf yaalameera.[31]

Bara leenjichi kenname	**Mata duree(koorsii)leenjichi irratti kenname**	**Hirmaattota leenjicha fudhatan**	**Baay'ina leenjifamtoo taa**	**ibsa**
2000 A.L.I	Naamusa ogummaa a/seeraa	a/seeraa,rijistraarota,abuka attotaa fi qaadota	843	
2000 A.L.I	Naamusa a/alagaa fi bulchiinsa gaarii	a/alangaa buchiinsaa fi qorattoota poolisii	1238	
2000 A.L.I	Tooftaa deemsa saffisa yakkaa	a/seeraa a/alngaa fi poolisoota	44	
2001 A.L.I	Yakkoota galii mootummaa irratti raawwataman	a/alangaa biiroo galiiwwanii	145	
2001 A.L.I	Seera daldala fi hariiroo hawaasaa	a/seeraa	109	
2001 A.L.I	Seera yakkaa	a/seeraa,a/alangaa,poolisoota ,qorattoota,a/alangaa galiiwwanii,fi a/alangaa farra malaamaltummaa	472	
2001 A.L.I	Haqa daa'immanii	a/seera, a/alngaa,poolisoota,miseensota mana sirreessaa	139	

[31]Kanuma olii,2002

20001A.L.I	Hariiroo hawaasaa (ga'ela,dhaala'lafa baadiyyaa fi beenyaa)	a/seeraa	300	
2000 A.L.I	Seerota muummee fi adeemsa falmii(barreesaamurtii,duu dhaalee mirga namoomaa,gahee mana murtii raawwannaa mirga namoomaa irraatti hooggansa dhangala'a dhimmaa fi itti fayyadama yeroo)	a/seeraa, ofiseroota seeraa	1544 ol	Leenjichi osoo hin xumuram iin ta'ee lamaanuu yeroo walitt makamu
2000 A.L.I	'criminal fair trial and international human rights	Perezdaantota M/M/Olaanaa fi Hooggantoota W/H/Godinaa	36	
2002 A.L.I	Seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa	a/seeraa	153	
2002 A.L.I	Ogommaa abukkaattumaa	Abukaattota	26	
2002 A.L.I	Haqa daa'immanii	a/seeraa, a/alangaa,poolisootaa fi miseensota mana sirreessaa	26	
2002 A.L.I	Dhaala, himannoo jeequmsaa,gaa'elaa fi diiggaa	a/seeraa	400 ol	Itti fufee kan jiru
2002 A.L.I	Seera yakkaa	a/alangaa fi qorattoota poolisii	650	Xumuraa f marsaan hafee osoo jiruu

2002 A.L.I	Bulchiinsa dhangala'a dhimmaa,kkf	Ofiseroota seeraa	814	
Dimshasha	Dhimmoota 27 ol		6,939 ol	

ii) Sagantaa yeroo dheeraa

Bara 2002ttis sagantaa yeroo dheeraa baatii shaniif turuun leenjifamtoota abbootii seeraa ***100*** fi abbootii alangaa ***98*** walumatti ***198*** ta'an leenjicha kan seenan yoo ta'u turtii kana keessatti matadureewwan Heera, Bulchiinsa Sirna Haqaa fi Dhimmoota Naamusaa akkaataa saganteeffameen kan kennaman yoo ta'u, Leenjii ogummaa seeraan alattis, fedhii leenjifamtoota kanaa irraa ka'uudhaan leenjii ogummaa bu'uuraa itti fayyadama kompiitaraa illee abbootii seeraa fi abbootii alangaa ***170*** ta'an kun marsaa ***2n*** yeroo **torban shan** fudhatuun sa'aatii idileen alatti leenji'aniiru. [32]

***C. S*ochii gama hojii Qo'annoo fi Qorannootiin raawwatame:**

Qo'annoo fi qorannoowwan garaa garaa institiyuticha keessatti hojjataman ni jru.Bu'aawwan qorannoowwan kanaas hojmaataa fi dhimmoota fooyya'iinsa haqaa keessatti yaadota furmaataa fi kallattiiwwan jijjiramaa fi fooyya'iinsaa agarsiisuudhaaf kan yaadame yoo ta'u,bara 2002 keessatti moojuuliin leenjii hojiirraa leenjii abbootii seeraa fi abbootii alangaa bara kana kennameef qophaa'an illee bu'aawwan qorannoo kanaan akka deeggaramanii qophaa'an godhamaa jira. [33]Bara 2001tti qorannoowwan xumuramanii dhiyaatan keessaa buáa qoratnoo 'Rakkoo Falmii Lafa Baadiyyaa,hojmaata badaa fi walitti dhufeeny qaamolee haqaa ,ragaa sobaa kkf irratti workishooppiin geggeeffamee bu'aan qorannichaas dhiyaateera. [34]

[32]Kanuma olii
[33]Kanuma olii,2002
[34]Kan olii,2001

Bara2002ttis,Inistiitiyuutichi qorannoo fi qo'annoo matadureewwan,Sirna Madaalli Rawwii Hojii Abbootii Seeraa Oromiyaa, Rawwannaa Tooftaa Saffisaa Adeemsa Falmii Yakkaa(RTD), Haala Itti-gaafatamummaa Naamusa Abbaa Seerummaa Oromiyaa, Qajeelfama Naamusa Dhaddachaa fi Madaallii Bu'aa Leenjii Hojiin Duraa kan jedhaman irratti hojjatamaa jira.[35]

2.3, Barbaachisummaa fi Kaayyoo Lenjii hojiiduraa

A, Barbaachiisummaa Leenjii Hojiin Duraa:

Hojiin abbaa seerummaa fi Abbaa alangummaa beekumsaa fi ogummaa barnoota koolleejjiitii fi Yuunivarsiitiin argaman ala gahuumsa addaa kan gaafatu ta'uu ni beekama. Barbaachisummaan leenjichaas,gabaabumatti,ogeessota seeraa beekumsa seeraa bu'uura warra qaban kana itti gaafatamummaa fi gahuumsa olaanaa gama beekumsa,ogummaa,naamusaa fi ilaalchatiin hojii A/seerummaa fi A/alangummaatiif barbaachisu gonfachiisuu dha.[36]

B, Kaayyoo fi Mul'ata Leenjii Hojiin Duraa:

Ogeessota sirna heeraa hojiirra oolchanii fi eegan, siri haqaas kan lammiilee garaa gahuu danda'u akka ta'u ogeessota dandeessisan horachuun mul'ata saganta leenjichaati. Akkasumas sagantichi kaayyoowwan waliigalaa armaan gadii ni qabaata: Abbootiin seeraa fi Abbootiin alangaa haaroleen fulduratti hojiitti bobba'uuf jedhan:[37]

- Kabaja heeraa fi sirna heeraatiif quuqama kan qaban akka ta'an;
- Walitti dhufeenya poolisiiwwan mootummaa heeraa fi waliin qaban hubachuudhaan raawwatiinsa isaatifis ga'uumsa akka horatan gochuu;
- Fedhii hawaasichaa hubatanii, tajaajila haqa qabeessaa, safisaa fi qulqulina qabu kennuudhaaf ga'umsa ogummaa fi ilaalcha barbaachisu akka argatan dandeesisuu;

[35]Kan olii,2002
[36]Karikulamii sagantaa leenjii hojiin duraa irratti yaada fooyya'ee dhiyaate,fuul.2
[37] Kan olii fuula 4

- Ittigaafatamummaa hojii a/seerummaa fi a/alangummaa ba'uu akka dandaan beekumsa, ogummaafi ilaalcha akka horatan gochuu;
- Dhimmoota, dhaddachaa fi hojii isaanii saffisaa fi bu'a qabeessa kara ta'een gaggeessuu akka dandeessisu ogummaa fi ilaalcha akka qabaatan gochuu;
- Murtiin isaan kennanis sababaan kan deeggarame akka ta'u ogummaafi ilaalcha barbaachisu horachiisuu;
- Naamusa hojii a/seerumma ykn a/alangummaa raawwachuuf barbaachisu hubachuun hojiirra oolchuufis kan isaan dandeessisu ogummaa akka qabaatan gochuu;
- Hojii isaanii saffisiisuuf kan isaan gargaaru teeknolojiwwanitti ogummaa fayyadamuu akka qabaatan gochuu dha.

Gabaabaatti, leenjiin hojii duraa akka kaayyoo dursaatti kan qabate leenjitoota haaraa qaamolee haqaa kana rakkoolee hojiirratti isaan quunnaman waliin wal barsiisuudhaan gahuumsa furmaata rakkoolee kana hiikuuf isaan dandeessisu akka qabaatan gargaara.

2.4, Karikulamii Leenjii Hojiin Duraa

Karikulamiin leenjii tokkoo kaayyoo, qabiyyee fi mala leenjiin sun ittiin gaggeffamu kan of-keessatti qabatu ta'a.[38] Kaayyoo, qabiyyee fi malli leenjii hiikoo qabeessa fi fooyya'aa ta'e bu'aa sagantaa leenjichaas kan akkaata yaadameen galmaan gahuuf dandeessisu ta'uunsaa beekamaadha.[39]

Kaarikulamiin leenjii hojiin duraa instiitiyutichi gargaaramus ifaa fi ammayyaawaa akkasumas qorannoon deeggaramee kan wixneeffamedha.Kaarkulamiin wiirtuu federaalaa irraa institiyuchi fudhatee gargaaramaa jiru kunis bu'aa leenjii hanga kana duraa kennamaa turee gamaaggamuudhaan qabiyyee fi mala leenjiin kun ittiin kennamurratti fooyya'iinsa godheera.[40] Bu'uuruma kanaan koorsiiwwaniifi matadureewwan leenjii akka hafan ta'eefii kanneen haaraa dabalamanirree kan jiran yoo ta'u,[41] sa'aatii koorsiiwwan kanaaf ramadamee irratti,[42] akkasuma

[38] Miiljalee lakk.1 irratti caqafame, fuula 124
[39] Kin Hammergren Judical training and justice reform Aug. 1998,
[40] Miljalee lakk.30 irratti caqafame,fuula 1
[41] Kan olii, fuula 11-12

mala leenjiin kennamuun irratti fooyya'iinsi godhameera. Duraa duubini sagantaan leenjiichaa geggeeffamuunis sirreeffamee jira.[43] Bu'uura karkulamichaatiinis yeroon leenjicha xumuruuf barbaachisu baatii 21 fi guyya 15 yoo ta'u,leenjiin hojiin duraa kunis sadarkaa lamatti qooduun kaa'ameera:

1ffaa, Leenjii wirtichatti baatii 10f turu,

2ffaa, Shaakallii qaamolee haqaafi waajjiraalee kanneen biroo keessatti baatii 11f gaggeeffamu dha.

Walumaagalatti yeroo ayyaanaa fi boqonnaa (baatii tokkoo) dabalatee leenjichi waggootii lamaaf kan turu ta'a jechuu dha.Qabiyyeefi duraa duubni sagantaan leenjichaa ittiin kennamus beekumsa yaadrimeerraa gara ogummaatti akka deemu yaadame kan sirreeffame yoo ta'u, innis akka armaan gadiitti kan kaawwame ta'a.[44]

- Itti fayyadamiinsa saayinsii fi tekinolojii:-kompiyuutara gargaaramuudhaan si'aayinaa fi qulqullinaan hojii fiodeeffannoo kaawwachuu akka dandeessisuuf kan yaadame.
- Heeraa fi gahee qamolee haqaa, itti gaafatamummaa fi bilisummaa a/seerumma mirga dubartootaa, Eegumsa naannoo, HIV fi mirga namoomaa :-heeraa fi kaayyoo heerichaa beekuudhaan gahee isaanirraa eeggamus bahuudhaaf akka of-qopheessaniif kan yaadame.
- Waajjiraalee seektara haqaan ala jiran keessatti kenniinsi tajaajila haqaa hagam gamachiisaa akka ta'e ilaaluu fi madaaluu:-tarsiimoo fi imaammata heerichi diriirse ni hubatu.
- Rakkoolee A/Seeraa fi A/Alangaa hiikkoo fi raawwatiinsa seerota bu'uuraa irratti quunnaman:-rakkoowwan kana adda baafachuudhaan ,akkamitti hiikuun akka danda'amu hubataniif ni qopheessa.
- Seerota adeemsaa fi gaggeessa falmii:-heerumma seerichaa hubachuudhaan rakkoo hiikkaa fi raawwatiinsa jiru adda baafatanii hiikkaa maluu walfakkaataa ta'e kennuu

[42] Kanuma oliii, fuula 5-11
[43] Kan olii, fuula 11-12
[44] Kanuma olii, fuula 11, 13

akka danda'anniif ogummaa olaanaadhaan falmiiwwan gaggeessuu akka danda'an gargaara.

- Maalummaa, fudhatamummaa, amanamummaa fi maddallii seera raga:-akkaataa ragaalee fuudhan,hiikanii fi fayyadaman hubatu
- Kenninsaafi barreessa murtii,duudhaalee haala kenniinsa murtii hubachuun ittin hojjachuuakka danda'an baratu.
- Kenniinsa fi akkaata qabiinsa tajaajilaa:-tajaajilaa bu'a qabeessaa fi saffisaa ta'e akkaataa kennuunn danda'amuu fi mala isaa ni hubat.
- Shakallii hojiirraa wa/haqaa fi Shaakallii hojiirraa M/Murtiittii.

2.4.1*, Mala kennaa leenjii*: Leenjiichi mala leenjii gaheessotaa hirmaachisaa (Interactive adult training methodology) ta'een kan kennamu yoo ta'u, leenjifamtootni marsaa kanaa ga'eessota hubannoo bu'uuraa qaban waan ta'eef hojii fi mariiwwan babal'aa leenjii daree fi pilaazmaatiin booda bifa adda addaatiinn gaggeessanirraa ofiin walirraa akka baratanis yaadameeti dha.[45]

2.4.2. Leenjii hojii-duraa Marsaa Duraa:

a. Calallii fii filannoo Leenjifamtootaa

Ogeessota Seeraa dandeetti, ogummaa, naamusa ol'aanaa fi ilaalcha qajeeltoo qaban, sirna heeraa fi seeraas kabajanii kabajchiisuu kan danda'an horachuun yoo barbaadame, deemsa filannoo ogeessota seeraa leenjiif inistitiiyuutichaa seenuuf dorgomanii iftoominaa fi alloogummaadhaan calaluun bu'a qabeessummaa kaayyichaatiif iddoo ol'aanaa akka qabu kan itti amanamu dha.[46] Kanaaf adeemsi filannoo ogeessotni dorgommiidhaan leenjii galan qajeelfamaan ifatti murtaa'uu akka qabus waanta wal nama falmisiisu miti. Haata'uyyuu malee, Inistitiiyutichi qajeelfama raawwii filannoo leenjifamtootaa Lakk. 03/2000 ta'e baafatee hojiirra kan oolche bara 2001 irraa eegaleeti.

[45]Miiljalee lakk.24 olii
[46]Danbii lakk.3/2000 haala raawwii filannoo fi calallii leenjifamtoota ILOQHQSO murteessuuf bahe,galma(preamble).

Kana jechuun yeroo leenjifamtoota marsaa duraa kana calalee leenjiif simatutti Inistitiiyutichi adeemsa filannoo ifatti murtaa'e hin qabu ture. Kuni immoo rakkoo gama kanaan uumamuu danda'uuf qaawwa banee kan ture ta'uu itti amanama. [47]

b. <u>Profaayila odeeffannoo dhuunfaa leenjifamtootaa.</u>

Leenjifamtootni marsaa duraa Adoleessa bara 1999 gara Inistitiiyuutichaatti simataman Lakkoofsaan 529 kan gahan yoo ta'u isaanis koolleejjiiwwan dhuunfaa fi kaan isaanii immoo Yuniversiitii mootummaa keessatti baruumsa seeraa kan baratani dha. Leenjifamtoota kana keessaas dhibbeentaa 12%(62) kan ta'an diippploomaa ol'aanaa dhaan kan eebbifamaniifi Yuuniversiitiiwwan mootummaa galanii warra baratanidha. Kan hafan 88%(467) ta'an garuu dhuunfaadhaan koolleejjiilee dhuunfaatti baruumsa seeraa isaanii kan hordofanidha. Qabxiin leenjifamtootni kun yuuniversiitii fi koolleejjii keessatti galmeessisan yeroo ilaalamu quubsaa akka hintaanee fi calallii fi filannoo instiitiyutichaa irrattis akka bakki hinkennamiimniif hubachuun ni danda'ama.Akka fakkeenyaatti kaasuun yoo barbaachise leenjifamtoota yuuniversiitiiwwan mootummaa seenanii baratan 62 ta'an keessaa qabxii cuunfaa koolleejjii isaanii (CGPA) yeroo ilaalu dhibbeentaa 68% (N-42) kan gahan qabxii 2.0 hanga 2.5 qabatanii kan eebbifamani dha.[48]

Inistitiiyuuticha erga seenaniis sadarkaan ga'uumsa leenjifamtoota kanaa sirna madaallii yeroodhaa yerootti geggeeffamuufi qormaata xumuraa kennamuun madaalamaa kan ture yoo ta'u,ga'uumsi leenjifamtootaas qabxii madaallii itti fufiinsaa, kan shaakalaa fi qormaata xumuraa Walumatti %100 keessaa qabamuun kan madaalamu dha. Bu'uuruma kanaan qabxiin darbiinsaa hojiitti ramadamuuf barbaachisu dhiiraaf 50% yoo ta'u, dhalaaf 40%dha. Leenjifamtoota kana keessaas cuunfaa bu'aa madaallii barbaadamu namni dhabe kan hin jirre yoo ta'u, leenjifamtootni eebbifaman qabxii barbaadamuun kan xumuranidha.[49]

***c*. <u>Odeeffannoo dhuunfaa fi akkaataa filannoo Leenjistootaa</u>:**

Leenjistootni LHD kana kennan ogummaa abbaa seerummaa fi abbaa alangummaatiin gahuumsaa ol'aanaa fi muuxannoo dheeraa qaban akkasuma naamusaa fi raawwii isaaniin

[47]Miil-jalee lakk.21olii
[48]Miiljalee lakk.2 olii
[49]Kanuma olii

fakkeenyummaa kan qaban ta'uudhaan kan filataman yoo ta'u mala leenjii gaheessotaa irrattis leenjii kan fudhatanii fi gahuumsa leenjistummaa barbaachisu kan qabani akka ta'e yaadama.

2.4.3. Haala qabatamaa Leenjichi itti eegalee fi kenname

2.4.3. Haala kenna leenjii

a/ <u>Leenjii daree</u>:

Leenjiin dareetti kennamu ga'uumsa hubannoo fi dandeettii leenjifamtootaa ol kaasuu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u sadarkaa naamusaa fi ilaalcha leenjifamtoota kanaa akka barbaadametti ijaaruuf hojii bal'aan kan hojjatamus yeroo kanatti dha.[50] Leenjiin dareetti leenjistootaan yookin keessummoota affeeramaniin qaamaan daree leenjiitti argamuun kennamu kunis bifa ibsa gabaabaatiin erga dhiyaatee gaaffii fi deebii akkasumas mariidhaan miilta'uu dand'a. Leenjiin daree kunis kutaawwan barnootaa leenjichaa hunda keessatti kan gargaaru dha. [51]

b/ <u>Leenjii Plaazmaa:</u>

Leenjiin pilaazmaadhaan kennamu yeroo baay'ee leenjiiwwan beekumsaa fi hubannoo leenjifamtootaa dabaluudhaaf kennamaniin kan walqabatu dha. Leenjii pilaazmaan (viidiyoo konfiransiidhaan) wiirtuu leenjii federaalaa irraa darbu kanaanis leenjifamtootni marsaa duraa kun koorsiiwwan leenjii adda addaa akka hordofan ta'eera. Leenjifamtootni marsaa duraa kunis leenjii plaazmaatiin booda marii kutaa barnootaa sanarratti gareedhaan ta'uudhaan akkasumas leenjistoota instiiyutichaa waliin marii ni geggeessu. [52]

c/ <u>Leenjii Shaakalaa:</u>

Shaakalliin Leenjifamtoota marsaa duraa kanaafkennames marsaa sadiin kan kenname yoo ta'u, shaakala hojii kan marsaa jalqabaa irratti leenjifamtootni godinaalee, aanaalee fi magaalota Oromiyaa addaa addaa keessatti manneen hojii mootummaa qaamota haqaan ala jiran keessattuu manneen murtii fi waajira haqaan alatti bobba'aniiru. Shaakala marsaa 2ffaatiifis leenjifamtootni kun leenjii shaakallii hojiirraatiif manneen murtii fi waajira haqaa keessatti bobba'aniiru. [53]

---

[50]Miiljalee lakk.18
[51]Miiljalee lakk.30
[52]Miiljalee lakk.44 0lii kana
[53] Kanuma olii kana.

d. **<u>Naannoo leenjii fi deeggarsa leenjichaa</u>:**

Baay'inni leenjifamtootaa kutaa tokko keessatti hanga nama 35 kan ture yoo ta'u kun immoo marii fi hirmaannaa leenjifamtootaatiif akkasumas hordoffii leenjistootaaf haala mijaawaa kan uumuu danda'uudha.[54]

e. **<u>To'annaa fi hordoffii:</u>** Leenjifamtootni marsaa duraa kun yeroo turtii isaaniitti leenjii dareettis ta'ee,shakalliwwaniif yeroo bobba'anitti leenjistootni yeroo yerootti qaamaan argamuudhaan kan hordoffii godhaa turan yoo ta'u, leenjistootaan alattis qaamolee addaa addaa bakka shaakalliin itti gaggeeffamutti argamaniin akka toátamu fi hordofamu ta'eera. Leenjifamtootni shaakalicha xumuranii wayita deebi'anittis gabaasa waliigalaa dhiyeessanii,waraqaa qorannoo qopheessanis daree keessatti akka dhiyeessan taasifama. Kunis leenjifamtootni qabatamaatti hangam hojii keessa akka turan beekuuf akkasumas walii isaanii jidduutti muuxannoo fi hubannoo argatan akka walii hiran dandeessisuuf yaadameeti. [55]

f. **<u>Sirna madaallii:</u>**

Instiitiyutichi sirna madaallii mataa isaa kan qabu yoo ta'u,kunis tooftaalee sadiin gargaaramuudhaan kan gaggeeffamu dha.Isaanis:56

1. Madaallii itti fuufiinsa leenjii irratti kennamu-

   Madaalliin kun leenjifamtootni yeroo leenji'an hirmaatnaa,hojii dhuunfaa fi garee qormaata barruu fi afaanii kkf irratti kan hundaa'u dha.Tooftaan kun cuunfaa bu'aa madaalli 50% kanqabatu ta'a.

2. Maddaallii bu'aa raawwii shaakalaa- raawwannaa leenjifamaan turtii shaakalaarratti agarsiisuun kan bu'uurreffatu yoo ta'u, cuunfaa bu'aa madaallii keessaayis 30% qabata.

3. Madaallii qormaata xumuraa- dhuma leenjiirratti qormaatni kennamus 20% qabata.

Walumaa galatti bu'aa madaallii 100% keessaa qabamu kanaan leenjifatootni dhiiraa 50% dhalaan immoo 40% fi isaa ol yoo hin deebisne ragaan mirkaneessa gahuumsaa akkasumas ramaddiin hojii hinkennamuuf.

[54] Kan olii
[55] Miiljalee lakk.24 olii

g, **Qormaata xumuraa*:*** qormaatni xumuraa institiyutichaan qophaa'ee dhuma leenjiirratti leenjifamtootaaf kan kennamudha. Firiin qormaata kanaas cuunfaa bu'aa madaallii leenjifamtoota kanaatti kan dabalamu ta'a.

h, **Eebbaa fi haala ramaddii ogummaa hojii*:*** leenjifamaan tokko eebbifamuudhaaf ga'uumsa hojii abbaa seerummaa fi abbaa alangummaaf barbaachisu argachuu erga mirkanaa'ee booda yoo ta'u,bu'uuruma kanaanis leenjifamtoota milkaa'niif ragaan mirkaneessa ga'uumsaa ni kennamaaf. Erga eebbifamaniis leenjifatootni hojii abbaa alangummaa fi abbaa seerummaa irratti bu'uura carraa kaasaniitiin institiyutichaan ni ramadamu. Bu'uura ramaddii kanaatiinis tarreen maqaa leenjifamtoota kanaa gara waajjira ramaddii isaaniitti mana murtii waliigalaa fi waajjira haqaa naannichaatti ni ergama. [56]

BOQONNAA SADII

3, XIINXALA DAATAA FI ARGANNOOWWAN QO'ANNICHAA

Daataan maddaawwan adda addaa irraa tooftaalee garaagaraatiin sassaabamee mala addaatiinis ulaagaleen madaallii fi safartuuwwan ulaagaa kanneeniif qophaa'aniin akka walsimutti kan qindaawe akka ta'e Boq.1ffaa keessatti ibsamuun isaa ni yaadatama. Akkasumas haalli hundeeffama inistiitiyuutichaa fi adeemsi kenna leenjii bu'aan madaalamuu kun, keessattuu leenjichi marsaa jelqabaa, maal akka fakkaatu Boq.2ffaa keessatti ibsamuuf yaalameera. Egaa bu'uruma akeeka adeemsa qo'annichaa boqonnaawwan lameen olitti ilaalamaniitiin xiinxallii daataa fi argannoowwan bu'aa leenjichaa Boq.3ffaa kana jelatti akka armaan gadiitti dhiyaateera.

3.1. Beekumsaa fi Hubannoo Seeraa Dabaluu

Sagantaan leenjii hojiin duraa gama beekumsa fi hubannoo seeraa leenjifamtootaa dabaluutiin bu'aa qabu ilaalchisee gareen qorannaa kun odeeffannoon namoota gosa garaagaraa irraa funaane akka armaan gaditti qindaa'uun xiinxalameera.

[56] Miiljalee lakk.24 olii

i. Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa (Aanaa): Kanneen LHD Fudhatan

Gabatee lakk.1: Bu'aa Xiinxala Gaaffii Barruu

La.L	Madda Daataa	**Tooftaa funaannii**	**Baay'ina**	**Safartuu (Sadarkeessaadhaan)**					**Ibsa**
				Daraan Ol'aanaa	**Ol'aanaa**	**Gaarii**	**Gadi aanaa**	**Hinjiru**	
1	Abbootii Alangaa	Gaaffii barruu	28	23(82%)	4(14%)	1	-	-	
2	Abbootii Seeraa	,,	44	6(17%)	38(86%)	-	-	-	
Ida'ama			72	29(%40)	42(%58)	1(%2)	-	-	

Gabatee lakk.2: Bu'aa Xiinxala Gaaffii Afaanii

	Madda Daataa	Tooftaa funaanni	Baay'ina	Safartuu (sadarkeessaadhaan)					Ibsa
				DO	O	G	GA	HJ	

1	Abbootii Seeraa	Gaaffii qomaa	37	18(% 48.6)	16(% 43.2)	3(8.11%)	-	-	
2	Abbootii Alangaa	,,	16	13(81%)	3(18.7%)	-	-	-	
Ida'ama			53	31(58.5%)	19(36%)	3(5.5%)	-	-	

Gabatee lamaan armaan *olii* irraa kan hubannu Abbootin seeraa fi Alangaa LHD fudhatan gaaffilee barreefamaa fi afaanii dhihaataniifin bu'aan leenjichi gama beekkumsaa fi hubannoo saayinsii seeraa isaanii dabaluutin fide olaanaa ta'uudha. Haata'u malee, sadarkaa gaaffii barruu irratti Abbootiin Seeraa Kennan yoo ilaalamu baay'ini daraan ol'aana jedhe kan Abbootii Alangaan kenname irra garmalee xinnaadha[57]. Garaagarummaan hanga kana bal'atu maaliif ta'uu akka danda'e yemmuu xiinxalamu sababoota adda addaa dhiyeessuun nidanda'ama. Kunis:

1. Gareen Abbootii Alangaa kun Garee Abbootii Seeraa caalaa yaada ga'uumsa isaanii olkaasu haala madaalawa hintaanen kennaniiru (baised in favor of their own capacity) ykn garee lameen keessaa inni tokko gaafilee dhiyaataniif jarjaraa fi dantaa dhabuudhaan guutuu irraa ta'uu danda'a.
2. Garaagarummaan kun akkuma carraatti (incidentally) kan uumame ta'uus nimala.
3. Uunkichi gaaffii barreeffamaa gareewwan kanaaf dhiyaate gosaa fi qabiyyeedhaan tokko yoo ta'eyyuu, gaaffileen ga'uumsa beekumsaa safaruudhaaf uunkicha keessatti hammataman gita hojii ogeeyyiin kun irratti hojjatan bu'ura gochuun waanqophaa'aniif ogeeyyiin kunis akkaatuma bal'ina gosa seerota ittiin hojjatanii fi walxaxiinsa dhimmoota ilaalaniitiin yaada yemmuu kennan garaagarummaa uumameedha[58].

[57] Abbootii Seeraa 44 keessaa 6(%13.6) qofaan LHD beekumsaa fi hubannoo seeraa ogeessota kanaa daraan ol'aanaan dabaluu yoo mul'isan, Abbootii Alangaa 28 keessaa immoo 23(%82) sadarkaa daraan ol'aanaa agarsiisan.
[58] Fakkeenyaaf, gaaffileen Abbootii Alangaaf dhiyaatan gar-tokkeen isaanii beekumsa seerotaa dhimma yakkaa fi yaad-remeewwan saayinsii seera yakkaa hundeessan irratti kan xiyyeeffatan yoo ta'u, Abbootii Seeraaf immoo

Sababoota olitti ibsaman lameen duraa uunkichi gamtaadhaan osoo hintaane dhuunfaa ogeeyyota kanaan kan guutame ta'uu isaan walbirratti yemmuu xiinxalamu gareen A/Seeraa ykn A/Alangaa qofaan yaada madaalawaa hintaane qabachuun sadarkaa daraan ol'aanaa ofiif kennaniiru ykn jarjaraa fi dantaa dhabuun guutaniiru kan jedhu sababii amansiisaa fi *"loojikaawa"* ta'ee miti. Bakka gaaffileen kun dhuunfaa ogeeyyotaatiin guutamanitti A/Alangaa keessas ta'ee A/Seeraa keessa rakkooleen eeraman kun jiraachuu danda'an waanta'eef[59]. Garaagarummaan hanga kana bal'atus tasa uumame sababiin jedhus yaada xiinxala isa dhumaatiin deeggarame waanhintaaneef dheedhiidha.

Sababiin inni 3ffaan garuu yaada qorannoon kun daataa gabatee olii keessatti kennamee fi gaaffilee ga'uumsa beekumsa leenjitootaa safaruuf ogeeyyota garee lameeniif dhiyaatan walitti xiinxaluun irra gahe yoo ta'u, innis A/Alangaa gitni hojii isaanii garri caalu dhimma yakkaa (specialized) waan ta'eef gosas ta'ee qabiyyeen seerota dhimma yakkaa ilaallatanii muraasaa fi dhiphaa/gabaabaa ta'uu isaa irraa kan ka'e ogeeyyonni garee kanaa uunkicha guutan walakkaa ol kallattii ogummaa addaa kanaan liqimfamuudhaan muxannoo fi hubannoo gama kanaan qabaniin iddoo xiyyeeffannaa hojii isaanii keessatti sadarkaan ga'uumsa beekumsaa leenjichi isaan gonfachiise D/ ol'aanaadha jechuuf isaan akka dandeessise hubatama. Gareen A/Seeraa garuu seerota dhimma yakkaa qofaa osoo hintaane seerota dhimmoota hariiroo hawaasaa fi kan biros irratti beekumsa qaban hubachuudhaaf gitni hojichaa waan isaan dandeessisuuf iddoo hojii seeraa hamma kana bal'atu irratti beekumsa seeraa D/ol'aanaa ta'e leenjicha irraa arganneerra waan hinjenneef garaagarummaan kun argamuu isaa xiinxalli goone ni agarsiisa.

Haaluma walfakkaatuun, gabatee lakk.1 irraa kan hubatamu odeeffannoo gaaffii barruu fi gaaffii afaaniitiin ogeeyyotuma LHD fudhatan kanneen irraa argame gidduu garaagarummaan xiyyeeffannaa barbaadu jiraachuu isaati. Kunis,gama tokkoon A/Seeraa gaaffii barruu deebisan 44 keessaa namoonni 6 (%13.6) qofaan sadarkaa ga'uumsa beekumsa seera irratti leenjichi argamsiise D/ol'aanaa akka ta'e yoo mul'isan, gaaffii afaanii kan deebisan A/Seeraa 37 keessaa immoo namoonni 18(48.64) sadarkaa D/ol'aanaa kennanii jiru. Kun immoo odeeffannoon gaaffii afaanii kan barruu irraa garaagarummaa %35tiin ga'uumsa beekumsaa daraan ol'aanaa taasisa.

---

beekumsa seerota hariiroo hawaasaatis bifa hammateen gaaffilee qophaa'aniidha.(uukaalee gaaffii barruu lakk.02 fi 04 miiltoowwan keessaa haailaalaman.)

[59] Ogeeyyonni kun gonkumaa gartummaa hinagarsiifne (free from baise) j ykn odeeffannoon ogeeyyota kanaan kenname kun kophuma isaatti dhugaadha jechuu akka hintaane haahubatamu.

Gama kaaniin, A/Alangaa gaaffii barruu deebisan keessaa %82 ta'an leenjichi ga'uumsa beekumsaa daraan ol'aanaa ta'e kan argamsiise ta'u yoo mul'isan kan gaaffii afaanii deebisanis %81.25 kan ta'an sadarkaa walfakkaatu mirkaneessan. Egaa xiinxalli daataa A/Alangaa kan barruu fi kan afaaniitis bifa walitti dhiyeenya cimaa qabuun (82% fi 81%) LHD ga'uumsa beekumsaa fi hubannoo seeraa daraan ol'aanaa ta'e argamsiisuu isaa mul'isa. Kan A/Seeraa garuu garaagarummaa baay'ee adda fagaatuun (gaaffii barruutiin 13.6% - gaaffii afaaniin 48.64%=35%). Maaliif laata?

Garaagarummaan kun uumamuu kan danda'ee:

1. Daataa gaaffii baarruu ilaalchisee xiinxala olitti dhiyaate keessatti sababii ibsame irraa kan ka'e A/Seeraas ta'ee A/Alangaa gaafiilee barreeffamaa kan deebisan gaaffilee irratti ibsi osoo hinkennaminiif akkaatuma hubannoo isaaniitiin caluma jedhanii kan deebisanii fi kanas jarjaraa fi qulqulleeffannaa tokko malee waan guutaniif kaayyoo gaaffiin beekumsa safari dhiyaatee fi kan naamusa ykn ogummaa ykn ilaacha safari dhiyaateef adda baasanii osoo hinhubati akkuma waliigalaatti deebisuu isaaniiti.
2. Gaaffii afaanii irratti garuu sababii gaafatamaa, iddoo barbaachisetti ibsi kennamaa fi keessattuu hubannoo heera mootummaa irratti qaban irratti xiyyeeffachuun kan gaafataman yoo ta'u,bu'ura kanaanis leenjichi gara irra caalu ga'uumsa ogummaa ilaalchaa fi naamusa irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef yaad-rimeewwan (theories) seerotaa irratti beekumsi argame daraan ol'aanaa kan hinjechisiifne ta'uu isaa fi, garuu hubannoo heera mootummaa irratti beekumsa baay'ee ol'aanaa ta'e gonfachiisuu gaaffii afaanii A/Seeraa waliin godhame irraa hubatamuu isaati[60]. Gama A/Alangaatiinis heeraa mootummaa ilaalchisee beekumsi leenjichi gonfachiise warra leenjicha hinfudhatin irraa adda kan godhu akka ta'ee fi walitti dhufeenya seeronni dhimma yakkaa fi kabajamuu mirgoota namaa gidduu jiru irrattis beekumsii fi hubannoon leenjichi fide daraan ol'aanaa akka ta'e xiinxalli daataa gaaffii qomaa mul'iseera[61].

[60] A/Seeraa Mulugetaa, M/M Aanaa Odaa Bultum, Baddeessaa, Gurraandhala 11, 2002, A/Seeraa Habiib, M/M/Aanaa Dugdaa, Maqi,G/dhala 25,2002, A/Seeraa Shifarraa, M/M/Aanaa A/Tulluu,Baatuu, G/dhala 26,2002 fi kan brootis.

[61] Gaaffii Afaanii:A/Alangaa W/Haqaa Aanaa Goobbaa,Obboo Ashannaafii,G/dhala 16,2002.

Kanarraa ka'uudhaan garaagarummaan daataa barruu fi kan afaanii giddutti argame tooftaalee funaansa daataan walqabatee kallattii fi sadarkaan ogeeyyiin kun gaaffilee dhiyaateef ittiin hubatan irraa kan madde ta'uutu hubatama.

Akka xiinxala gabateewwan armaan oliitti LHD ga'uumsa beekumsa seeraa sadarkaa daraan ol'aanaan ykn olaanaadhaan akka dabale kan agarsiisu yoota'ellee daataan kun ogeeyyota madaalliin kun irratti geggeeffameen kennamuun isaa dhugummaa argannoo kanaa amansiisaa nitaasisa jechuuf waan hinonnachiifneef[62], daataalee qaamota biro irraa argamaniin walitti xiinxalamee mirkanaa'uu akka qabu gareen qorannichaa hubachuudhaan haala armaan gadiitti ilaalee jira.

b, Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa (Aanaa): Kanneen LHD hin fudhatin

Gabatee lakk.3: Bu'aa Xiinxala Gaaffii Afaanii

Lakk	Madda Daataa	Tooftaa Funanni	Baay'ina	Safartuu (Sadarkeessaadhaan)					Ib
				DO	O	G	GA	HJ	
1	Abbootii seeraa	Gaaffii Afaanii	34	17(%50)	7(%20.6)	4(12%)	5(15%)	1	
2	Abbootii Alangaa	,,	20	10(%50)	-	8(%40)	2	-	
3	Ida'ama		54	27(%50)	7(%13)	12(20%)	7(13%)	1	

[62] Kan madaalame A/Seeraa fi A/Alangaa LHD fudhatan waanta'aniif odeeffannoon isaan kennan kophaa isaatti amansiisaa jechuun hindanda'amu.Sababiinis namni madaalamu tokko gartummaa irraa bilisa ta'ee waa'ee mataa isaa dhugaa qabatamaan jiru hanqina kan ta'e nihima jedhamee tilmaamuun waan rakkisuufiidha.

Daataan armaan olii kan mul'isu Abbootiin alangaa fi abbootin seeraa LHD hin fudhatin gaafataman harki caalu bu'aan leenjin hojiin duraa Abbootii seeraa fi abbootii Alangaa leenjicha fudhatan irratti fide olaanaa ta'uu isaati. Bu'aan daataa gabateewwan[63] lakk.2 fi lakk.3 walbira qabuudhaan xiinxalli godhamu dhugaa qabatama bu'aa LHD argamsiise beekuudhaaf akkasumas daataan gabatee lameen kanaa garaagarummaan agarsiisu maaliif akka ta'ee qorachuun adda baasuuf hedduu gargaara waan ta'eef asitti ilaaluun faaydaa qaba. Haala kanaanis A/Seeraa fi A/Alangaa LHD fudhatan gaaffii afaanii deebisan 53 keessaa namoonni 50 ykn %94.5 kan agrsiisan LHD beekumsa seeraa isaan leenji'anii sadarkaa daraan ol'aanaa ykn ol'aanaadhaan dabaluu isaa yoo ta'u, akka daataa gabatee lakk.3tti immoo ogeeyyota LHD hinfudhatin gaaffii afaanii haala walfakkaatuun gaafataman 54 keessaa namoonni 34 ykn 63% qofaan bu'aan leenjichi gama beekumsaatiin ogeeyyii leenji'aniif dabale D/ol'aanaa ykn ol'aanaa akka ta'e agarsiisu.

Haaluma walfakkaatuun, gabatee lakk.2 keessatti sadarkaan kenname inni xinnaan ***gaarii*** yoo ta'u, kanas namoota 3 ykn 5.5% qofa ta'aniidha.Gabatee lakk.3 keessatti immoo ga'uumsi leenjichi gama beekumsa seeraatiin argamsiise beekumsa seeraa warri hinleenji'in qaban irra gadi aanaa akka ta'e namoota 7 ykn %13n agarsiisa. Egaa sadrkaa isa ol'aanaa ilaalchisee daataa warra leenji'anii (%94.5) fi isaan hin leenji'ini (%63) garaagarummaan %31 ta'utu argama. Gabateewwan lameen kana irraa akka waliigalaatti kan hubatamu:

- 1ffaa LHD beekumsaa fi hubnnoo seeraa dabaluu irratti ogeeyyii osoo leenjicha hinfudhatin hojitti galaniin walbiratti yemmuu madaalamu bu'aa D/ol'aanaa ykn ol'aanaa akka fide odeeffannoon garee lameenuu harka walakkaa oliin mirkaneessaniiru[64].
- Haata'u malee dhibbantaan daataa warra leenjicha hinfudhatin bu'aa LHD gama beekumsa dabaluutiin fide DO ykn O ta'uu agarsiisu kan warra leenjicha fudhateen

[63] Gabatee bu'aan daataa ogeeyyii LHD fudhatan kennan itti xiinxalamee fi kan ogeeyyiin LHD hinfudhatin kennan itti xiinxalame jechuudha.
[64] Ogeeyyiin warri LHD fudhatan 53 hirmaatan keessaa %94.5 fi isaan LHD hinfudhatin 54 hirmaatan keessaa %63 kan ta'an beekumsi LHD dabale DO ykn O ta'uu yoo mirkaneessan, garee lameen irrattuu dhibbantaan kun harka walakkaa ol iidha.

agarsiifame irraa %31n gadi bu'ee mul'ata ykn kan warra leenji'anii dhibbantaa jedhame kanaan caalee argama[65].

- Ogeeyyii LHD fudhatan gaaffii afaanii irratti hirmaatan %5.5n bu'an leenjichi gama beekumsaan dabale warra leenjii kana hin fudhatiniin walbiratti yoo madaalamu sadarkaa gaarii ta'een caalmaa akka qabu yoo mul'isan, warri LHD hinfudhatin gaaffii afaanii walfakkaatu irratti hirmaatan immoo bu'aan leenjichi gama kanaan qabu gaarii akka ta'e %20n, gadi aanaa akka ta'e immoo %13n agarsiisuu isaati.

Qabxiiwwan bu'aa leenjichi beekumsaa fi hubannoo seeraa ilaalchisee argamsii irratti olitti tarreeffaman kana keessatti sadarkaan warra leenji'anii fi isaan hinleenji'inii mirkanaa'e gidduu garaagarummaan xiinxala barbaadu jiraachuu isaa daataaleen gabateewwan lameenii nimul'isu. Garaagarummaa kana qulqulleessuudhaafis daataan ogeeyyii garee lamaanii kan olitti dhiyaate kun odeeffannoo maddaalee gara birootiin walitti madaalamuu qaba. Sana dura garuu ogeeyyii garee lamaanii kana irraa daataa gaaffii afaaniin yemmuu funaanamu gareen lameenuu sadarkaa bu'aa leenjichaaf kennaniif yaada ibsan waan qabaniif, yaadonni kunniinis garaagarummaa olitti ibsame kanaarratti wanta agarsiisan waanqabaniif asitti ilaaluun filatamaadha.

Gama ogeeyyota warra leenjicha fudhatan isaan sadarkaan leenjichi gama ga'uumsa beekumsa seeraa gonfachiisuutiin qabu garridha jedhan dhibbantaa 5.5% ta'aniitiin yaadni kenname LHD gara caalu ga'uumsa ogummaa ,naamusaa fi ilaalcha irratti waan xiyyeeffatuuf leenjifamtoonni beekumsi seeraa waliigalaa kan dhabbata barnoota ol'aanaatti argataniin ala leenjichi kan dabale hanga kana akka hintaaneedha[66]. Kanamalees gosti leenjiiwwan kennamanii fi qabiyyeen isaaniitis saanyinsii seeraa irraatti kan hinxiyyeeffannee fi sa'aan leenjii ibsa hubannoo seeraa waliigalaatiif kennamus hedduu xinnaa ta'uu isaati[67].

Kanaaf, jalqabuma ulaagaalee calallii irratti xiyyeeffachuudhaan leenji'aa beekumsaa fi hubannoo seeraa cimaa qabu qofaa filachaa sirna dandeessisu diriirsuun hanqina gama kanaan mudatuu danda'uu hambisuun yoo hinhojjatamin nama gaafa dhaabbata barnootaa jiru dadhabaa ture simachuun leenjisuun kaayyoo LHD waliin waanwalhinsimneef hanqini leenji'aa akkasii

[65] 94.5%-63%=31%: gabateewan lakk.2 fi 3 irraa kan xiinxalameedha.
[66] Gaaffii Afaanii:A/Seeraa Fiqaaduu Wadaajoo,M/M/Aanaa Goobbaa,Baale, G/dhala 16, 2002, A/Alanga Musxafaa fi Misikkir, W/Haqaa Aanaa Agaarfaa, Baale,G/dhala 18, 2002
[67] Gaaffii Afaanii:A/Seeraa Geetachoo Tasfaayee, M/M/Aanaa Goobbaa, Baale, G/dhala 16, 2002.

irratti argamu bu'aa leenjichaa madaaluuf bu'ura ta'uu hinqabu.[68] Haatau malee LHD kaallattidhaan heeraa fi imaammatoota biyyattii ilaalchisee beekumsii fi hubannoon leenjitoota irratti uume iddoo ol'aanaa akka qabu ogeeyyiin garee kanaa haala walfakkaatuun mirkaneessu.[69]

Gama warra leenjii hinfudhatiniitiin immoo leenjichi bu'aan beekumsa dabaluu irratti fide gadi aanaa ta'uu isaatiif ogeeyyii LHD fudhachuun hojitti bobba'an irraa hubachuun akka danda'amu yoo ibsan, kunis ogeeyyiin kun hubannoo seeraa gahaa dhabuu irraa kan ka'e ogeeyyii muxannoo hojii dheeraa qabanitti hikachuudhaan deeggarsi godhamaafii akka hojjatan nibeekama. Inumaayyuu warri osoo leenjii kana hinfudhatin dhabbata barnootaa irraa akkuma bahaniin hojitti galan isaan leenji'an caalaa beekumsa seeraa cimaa qabu. Kanaaf warra leenji'an irratti beekumsi addaa mul'atu hinjiru.[70] Daataa kara birootiin, Abbootin seeraa LHD hin fudhatin barreeffamaan gaafatamanii yaada kennan namoota 23 keessaa namoonni 12 ykn 52.17% tiin beekumsi seeraa Abbootii seeraa LHD fudhatan irraa arganne ni jira jedhaniiru. Namoonni 11 ykn 48% immoo beekkumsi seeraa isaan irraa arganne hin jiru jedhu. Xiinxalli daataa kanaatis kan mul'isu bu'aa leenjichaa irratti ogeeyyii leenjicha hinfudhatin gidduu yaada garaagarummaa guddaa qabuu fi manuma hojii tokko keessa ta'ee[71] yaada walfaallessu heddummaatuu isaati. Kanaaf yaada isa kamtuu bu'aa leenjichaa dhugaadhaa akka ibse adda baasuudhaaf qabxima madaallii kana irratti daataa maddaawwan biro immoo haa ilaallu.

c. Hooggantoota M/M fi W/H (Godinaalee fi Aanaalee)

Gabatee lakk.4: Xiinxala Gaaffii Barruu

T.L	Madda Daataa	Tooftaa funaanni	Baay'ina	Safartuu (Sadarkeessaadhaan)				Ibsa
				DO	O	G	GA	

[68] Gaaffii Afaanii: A/Alangaa Hayilee Bantii, W/Haqaa Aanaa Walisoo,Shawaa K/Lixaa, G/dhala 19,2002
[69] Gaaffii Afaanii: A/Alangaa Asfaw Adunyaa, W/Haqaa Aanaa Jimmaa Arjoo, Wallagga Bahaa, G/dhala 17, 2002
[70] Gaaffii Afaanii: A/Alangaa Muhaammad, W/H/Aanaa Habroo, H/Lixaa, G/dhala 12, 2002.
[71] Gaaffii barruu: A/Seeraa leenjicha hinfudhatin nama lama M/M/Aanaa Habrootti hojjataniin guutame keessatti inni tokko A/Seeraa leenjii fudhatee achitti ramadame irraa beekumsa seeraa hedduu kan irraa argatan ta'uu yoo deebisu, inni kuun garuu ogeessi leenji'e kun ga'uumsa beekumsaa akka hin qabne ibseera.

1	Hoggantoota Waajjiraalee haqaa Godinaa fi Aanaa fi pirezidaantota mannen murtii olaanaafi Aanaalee		44	4(% 9)	16(36%)	19(43%)	5 (11.4%)	

Gabatee armaan olii irraayis kan hubannu hoggantootni manneen murtii Godinaa fi aanaa fi waajiraalee Haqaa yaada kennan keessaa harki caalu leenjiin hojiin duraa gama beekkumsaa fi hubannoo seeraa Abbootii seeraa fi alangaa leenjicha fudhatan dabaluutin bu'aan fide gaaridha yoo jedhan namoonni muraasni ykn 11.36 % bu'aan fide gadi'aanaadha jedhaniiru. Hoggantootni bu'aan LHD Abbootii Seeraa fi alangaa Leenji'an irratti fide gadi aanaadha jedhanis sababni isaan dhiheessan, Abbootin seeraa fi Alangaa leenji'an kuni keessumattu beekumsa seerota deemsawwanii (procedure) irratti hanqina qabu kan jedhuudha[72]. Haluma walfakkaatuun leenjichi ga'uumsa beekumsa seeraa waliigalaa irratti kan xiyyeeffatu waan hintaaneef bu'aan isaa kanaan akka hin madaalamnes hubatameera[73]

d. Maamiltootaa fi Abbootii Hirtaa

Gabatee lakk.5: Xiinxala Gaaffii Afaanii

T.L	Madda Daataa	Tooftaa funaanni	Baay'ina	**Deebii/yaada kenname**[74]		
				Fooyyee qabu	**Fooyyee hin qaban**	**hin beeknu**

[72] Gaaffii Afaanii:A/Seeraa Taajuu, B/B Presidaantii M/M/Ol'aanaa G/H/Lixaa, G/dhala 10,2002 , Muhaammad Ahimad, Presidaantii M/M/Aanaa Gaasaraa,Baale, G/dhala 19,2002,Obboo Taaxaq Shaawol, I/G/W/Haqaa Aanaa Sinaanaa,Baale, G/dhala 18,2002.

[73] Gaaffii Afaanii: Obboo Sa'id Jundii, I/A/Presidaantii M/M/W/O, Finfinne, Ebla 2002

[74] Sadarkaan kun kan kenname ogeeyyii LHD fudhatanii fi warra hinfudhatin walbira qabuudhaan akka ta'e haa hubatamu.

	Ofiseerota seeraa, Barressitootadhaddachaa(A/A), abukaatota mootummaa fi dhuunfaa, dubbii fixxoota manneen hojii adda addaa, wajjiroota poolisii, mana sirreessaa, Bulchiinsaaf Nageenyaa, dhimma dubartii, Abbootii dhimmaa fi kkf.		99	81(%81.1)	13(13%)	5(5%)

Gabatee kana irraayis kan hubannu namoota yaada kennan keessaa 81 ykn 81% Abbootiin seeraa fi abbootin alangaa LHD fudhatan gama beekkumsaa fi hubannoo seeraatiin fooya'insa akka qaban yoo ta'u, namoonni muraasni ykn 13 % immoo hanqina beekkumsa seeraa kan qaban, namoonni shan immoo kan hin beekne akka ta'eedha. Daataan kun namoota ykn qaamolee ***garee madaalamuu fi dorgomaa***[75] irraayis bilisa ta'aniin kenname waan ta'eef dhugummaa fi amansiisummaan isaa loogii fi gartummaa kan hin qabne akka ta'e ni beekama. Waanta'eefis ogeeyyiin LHD hinfudhatin gabatee lakk. 3 keessatti daataa xiinxalameen dhibbantaa gadi aanaadhaan leenjichi bu'aa gama beekumsaan fide kan hinqabne ta'uu kan mul'isan daataa maamiltootaa fi hirtaa irraa argameen walbira yemmuu ilaalamu loogii fi gartummaa kan qabu ta'ee hubatama.

e, Abbootii Seerraa Fi A/Alangaa: Sadarkaa Godinaatti Hojjatan

Gareen Qorannaa kun beekkumsaa fi hubannoo Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa LHD fudhatanii kana baruuf Abbootii Alangaa Godinaa fi Abbootii seeraa mana murtii o'laanaaf

[75] Gareen madaalamu ogeeyyii LHD fudhatan, Dorgomaan immoo ogeeyyii LHD hinfudhatiniidha.

gaaffilee afaanii dhiyeessuun odeeffannoo funaaneera. Odeeffannoon kunis kan mul'isu, Abbootii Alangaa Godinaa fi A/Seeraa mana murtii olaanaa yaada kennan 22 keessaa namoonni 16 Abbootin seeraa fi alangaa leenjicha fudhatan gama beekkumsa seeraa gaarii akka ta'aniidha. Namoota yaada kennan keessaa namni jaha immoo hanqina bekkumsa seeraa qabu jedhaniiru. Odeeffannoon hanqini jiraachuu ibsu akka agarsiisutti ogeeyyiin leenjicha fudhatan kun wantoota adda isaan godhan keessaa hubannoon saayinsii seeraa waliigalaa irratti qaban leenjicha kanneen hinfudhatin irra hedduu gadi-aanaa ta.uu isaati[76].

Akkawaliigalaatti, ga'uumsa beekumsa seeraa leenjichi aggamsiise ilaalchisee daataan asii olitti ilaalle garri caalu fooyya'iinsa gaarii akka qabu yoo mirkaneessu[77], hanqini gama kanaan jiraatuu isaa kan mul'isus muraasummaan[78] isaa akka laayyotti ilaalamuu kan qabu akka hin taane hubatamuu qaba. Sababiinis yaadonni hanqinichaaf ibsan xiyyeeffannaa leenjichaa kara fuulduraaf kallattii akeekuu irratti faaydaa guddaa waanqabuufiidha.

e, Xiinxala Marii Garee

Mariilee garee adeemsifaman irrattis hirmaattotni Abbootii seeraa fi Alangaa leenjicha fudhatanii fi hinfudhatin yoo ta'an hundi isaanituu barumsi seeraa koolleejjii fi universiitiitti kennamu beekkumsa seeraa hunda kan nama gonfachiisu akka hintaane yoo mul'isan, kallattii kanaan bu'aa leenjichi hanga ammaa argamsiise irratti garuu hirmaattoni mariiwwanii yaada adda addaa qabu.Hirmaattonni kan leejicha fudhatanii fi hinfudhannes garri caalu LHD beekkumsaa fi hubanoo seeraa dabalataa kennuu irratti bu'aa garii argamsiisuu yoo mirkaneessan, gareen inni hafe immoo hangi tokko bu'aa gama kanaan jiru beekuudhaaf yeroon isaa nihafa jedhu, isaan tokko immoo Leenjichi ga'uumsa naamusaa, ogummaa fi ilaalchaa irratti kan kaayyeffatee hundeeffame ta'uu ibsuudhaan ga'uumsi beekumsa seeraa waliigalaa calallii irratti kan

[76] Gaaffii Afaanii: Abdulsalaam Amaan fi Fiqruu Isheete, A/Alangaa Godina Baalee, Baalee Roobee, G/dhala 18, 2002, Kamaal Amaan, Asaffaa Raggaasaa fi obbo Amsaaluu, A/Seeraa M/M/O/G/H/Lixaa, Ciroo, G/dhala 10, 2002.
[77] Gabateewwan armaan oliitti Lakk.1-5 jalatti daataawwan xiinxalamanii fi kn bifa himaatiin ilaalaman.
[78] Miil-jaleema kana

madaalamuu qabu malee akka bu'aa leenjichaatti leenjicha booda eeggamuu hinqabu kan jedhaniidha.[79]

3.2, Heeraa Fi Seera Kabajuu Fi Kabachiisuu Gama Ilaaluun

Sagantaan LHD Leenjifamtootni kabajamuu mirgoota dhala namaatiif xiyyeeffannaa akka kennan, heera mootummaatti amananii kabajanii akka kabachiisan, mirgootni shakkamaa akka hin sarbamne fi leenjifamtootni wal falmitoota qixa seerri jedhutiin akka tajaajilan kennamaa tureera. Gareen Qo'annoo kunis dhimma kana irratti Abbootiin seeraa fi Alangaa maal akka fakkaatan baruuf odeeffannoo funaaneera.

i, Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa LHD hinfudhatin(Aanaa) fi maamiltoota hirtaa

Gabatee 6:Xiinxala Gaaffii Afaanii

.L	Madda Daataa	Tooftaafunaannni	Baay'ina	Mirgoota dhala namaa kabajuu fi kabachiisuu irratti AS fi AA I fudhatan kanneen hinfudhanne waliin yoo ilaalaman		
				Fooyyee qabu	Fooyyee hinqaban	hinbeeku
1	Abbootii alangaa	GaafAfaanii	18	15(63%)	3(38%)	-
2	Abbootii Seeraa	,,	13	9(69%)	4(31%)	-

[79] Marii Garee: Abbootii Seeraa LHD fudhatanii fi hinfudhatin,M/M/Aanaa Odaa Bultum, Baddeessaa,G/dhala 11, 2002,A/Seeraa fi A/Alangaa (LHD kan fudhatanii fi hinfudhatin),M/M/ fi W/Haqaa (Aanaa Gaasaraa), Baale,G/dhala 16,2002, A/Seeraa kan Leenj.fi hinLeenj.,M/M/Aanaa Jimmaa Arjoo,Wallagga Bahaa, G/dhala 2002.

3	Ofiseerota seeraa Barreesitota(A/A Abukatota dhu. Fi mootum Dubbifixota Poolisoota W/B/Nageenyaa Dhimma dubart. Abbooti dhimm..	”	99	92(93%)	2(2%)	5
Ida’ama			140	106(76%)	9(6.4%)	5(4%)

Gabatee armaan olii irraayis kan hubannu Abbootin Seeraa fi Alangaa leenjicha fudhatan migoota dhala namaa kan kabajanii fi kabachiisan ta’uu isaati. Haata’umalee A/A fi A/S warri leenjicha hinfudhatin kun dhibbantaa 33n fooyyeen kan hinjirre ta’uu yoo mul’isan maamiltoonni hirtaa garuu dhibbantaa 2 qofaan hanqina kana kan deeggaran ta’utu hubatama.Ta’us bu’aan maamiltoonni hirtaa dhibbantaa 93n mirkaneessan caalatti amansiisaa waanta’uuf akka waliigalaatti leenjichi gama kanaan fooyya’iinsa akka fide agarsiisa.

ii. A/A LHD hinfudhatin fi kan fudhatan A/seeraa LHD fudhatan isaan hinfudhatiniin walitti kan madaalan

Gabate Lakk.7: Xiinxala Gaaffii Afaanii

.L	Madda Daataa	Toof	Baay’in	*Safartuu(Sadarkeessaadhaan)*

		taa funa anni	a	D/Olaanaa	Ol'aanaa	Gaarii	Gadi'aanaa	hinbeeku
1	A/Alangaa(LHD hinfudhatin)	Gaaf fiiAf aanii	18	5(28%)	6(33%)	7 (9%)	-	-
	A/Alangaa(LHD fudhatan)		16	10(62%)	3(19%)	-	3(19%)	-

Gabateen kunis kan mul'isu Abbootii Seeraa LHD fudhatanii fi hin fudhatin jidduu mirgoota dhala namaa kabajuu fi kabachiisuu irratti garaagarummaan kan jiru fi kunis warri leenjicha fudhatan mirgoota dhala namaa kana kabajuu fi kabachiisuu irratti isaan kaan irra fooyyee kan qaban ta'uudha. [80]

3..3, Ga'uumsa Ogummaa seeraa ilaalchisee

Hojiin abbaan seeraa hojjatu tokko ogummaa hojichaaf barbaachisuun kan deeggarame ta'uu fi dhiisuu qabxiileewwan nuu akkeekuu danda'an keessaa murtii seera irratti hundaa'ee sababootaa fi ragaa quubsaadhaan deeggarame qabiyyee barbaachisu hunda guuttate kennuu, gahuumsa dhaddachaa fi dhimmoota si'aayinaa fi akkaataa seeraatiin geggeessuu akkasumas hiikkoo seeraa sirrii hordofuun warra muraasaa fi hangafadha. Gahuumsa ogummaa abbaa alangummaa madaaluufis bifti himannoo fi komii ol'iyyannoo itti dhiyeessu, falmii dhaddacharratti kaasuu fi ga'uumsi ragaa qoruu fi k.k.f adda durummaan gaaffiiwwan ka'anidha. Gareen qo'annichaas qabxiiwwan ijoo oliirratti hirmaattota abbootii seeraa fi abbootii alangaa leenjii hojiin duraa fudhataniifi hin fudhatiniif ga'uumsi ogummaa leenjitoota kanaa maal akka fakkaatu,gaaffilee barreeffamaa qopheessee akka guutan taasifameera. Yaada dhuunfaa hirmaattotni garaagaraa kun kennanis akka armaan gadiitti gabatee keessa kaawwameera.[81]

i, Daataa Gaaffii Barruu

[80] Bu'aa xiinxala gabatee lakk. 6n kan waldeeggaruudha.

[81] Cuunfaa gaaffiilee barruu abbootii seeraa fi abbootii alangaa leenji'anii fi hin leenji'iniin guuttaman, Guraandhala, 2002

Gabatee lakk.8:A/S fi A/A LHD fudhatan fi hinfudhatin

Madda Daataa	Tooftaa funaanni	Baay'ina	Safartuu (Sadarkeessaadhaan)				
			DO	O	G	GA	HJ
A/S fi A/A LHD fudhat.fi hinfudhn	Gaaffii barruu	113	33(29.2%)	56(49.6%)	24(21%)	2	-

Hirmaattota yaada kennan kana keessaa leenjifamtootni ogummaa hojichaaf barbaachisu qabaachuu kan mul'isu dhibbeentaa 98.24 kan ta'an yoo ta'u isaan keessaas kallattiidhaan yoo ilaalle bay'een isaanii leenjifamtootni ga'uumsa ogummaa ol'aanaa ta'e akka qaban agarsiisu. Giddugaleessattis yoo ilaale baay'nni hirmaattota daran ol'aanaa jedhanii (29.2) baay'ina warra gaarii fi gad-aanaa jedhanii (22.96) kan caalu dha.

Gabatee yaada hirmaattota qo'annichaa ibsu kanarraa dubbiin hubatamu inni handhuurri, leenjifamtootni amma abbaa seera fi abbaa alangaa ta'uun tajaajilaa jiran kun ogummaa hojiiwwan kanaaf barbaachisu kan horatanii fi hojii garaa nama ga'u, ga'uumsa ol'aanaa dhaan kan raawwataa jiranis ta'uu isaati. Kanaaf akkaataa galma isaatiin sagantaan leenjichaa ogeessota seeraa ga'uumsa ogummaa dansaa ta'e akka qabaatan gochuu danda'uu isaa odeeffannoon gaaffilee barreeffamaa gabatee armaan olii wabii dha. Gahuumsi ogummaa leenjifamtootaa akka gahaa hintaaneetti sagalee baay'ee muraasa ta'een (1.76%) deebiin kenname yaada hirmaattotaa kan bakka bu'uu danda'u ta'ee hin mul'atne.

ii, Xiinxala Gaaffii Afaanii

Gama biraatiin gaaffii afaanii abbootii seeraa fi abbootii alangaa leenjicha fudhatanii fi hinfudhatiniif ga'uumsi leenjifamtootaa gama ogummaatiin maal akka fakkatu gaafatamanii deebii itti kennaniiru. Kunis A/S fi A/A kan leenjicha fudhatanii fi kan hinfudhatin walumatti namoota 80 gaaffii afaanii gaafataman keessaa 67(84%) kan ta'an ga'uumsi ogummaa warra leenji'anii daraan ol'anaa ykn ol'aanaa ta'uu yoo agarsiisan dhibbantaa 11.3 immoo gaarii,1.3 kan hinjirree fi 3.8 immoo kan hinbeekne akka ta'an xiinxalli daatichaa nimul'isa.

Daataa gaaffii afaaniirraa argame yeroo ilaallu akkuma odeeffannoo gaaffilee barruu gabatee 8 irratti ilaalamee ogeessotni seeraa sagantaa leenjii hojiin duraa fudhatan kun ogummaa hojii abbaa seerummaa fi abbaa alangummaatiin walqabatee gahuumsa gabbataa kan qaban ta'uu hubachuun rakkisaa miti. Yaadni hirmaataa nama 1'n leenjifamtootni ogummaa seeraa barbaachisu hinqaban jechuun dhiyaate deebii hirmaattota kaaniitiin yeroo wal bira qabamu dhugaa hirmaattota kanaan lafa taa'e haaluu danda'a kan jedhamu miti.

Gaafii afaanii akka deebisan kanta'e hirmaatootni biroo perezdaantota manneen murtii, hooggantoota waajjiraalee haqaa, abbaa seeraa fi abbaa alangaa godinaaleeti. Isaanis "ga'uumsa ogummaa leenjifamtootaa fi ogeessota hin leenji'iinii walbira qabuun akka ibsan" kan gaafataman yoo ta'u ,deebiin gaaffii kanaaf kennaniin hooggantoota hirmaatan 46 keessaa 20 (44%) warri leenji'an isaan hinleenji'in irraa ga'uumsa ogummaa fooyya'aa akka qaban, 5(9%) garee lameen gidduu garaagarummaan gama kanaan mul'atu kan hinjirre ta'uu, 5(9%) warri leenji'an ga'uumsa ogummaatiin isaan hin leenjinee gadi akka ta'anii fi 16(35%) immoo garaagarummaa beekuuf kan hindandeenne ta'uu xiinxalli odeeffannoo kun ni hubachiisa. Daataa kana irratti kan yaada kennuuf rakkatan dhiifnee kan yaada kennan qofaa kophatti baafnee yoo ilaalle (20+5=25) %65.2 ogeeyyiin leenji'an kan hinleenji'in irra ogummaadhaan fooyyee akka qaban agarsiisu. Akkasuma gaaffii walfakkaataa barreeffamaan perezdaantota mannen murtii fi hooggantoota wajjiraa haqaatiin akka guuttamu ta'es, hirmaattootaa 46 keessaa 27(59%) kan ta'an ga'uumsi ogummaa warraleenjicha fudhatee isaan hinfudhatin irra fooyyee akka qabu mul'isa.

Egaa daataawwan olii lamaan irraa ifatti hubatamuu waanti danda'u tokko leenjifamtootni kun ogeessota leenjii hojiin duraa osoo hin fudhatiin haaraa qacaramanii kallattiin gara hojiitti galan waliin yeroo madaalaman ogummaa hojichaatiin kan caalan, fooyya'iinsa hedduu kan qaban ta'uu isaati. Gareen qo'annichaa odeeffannoo olii irraa waanti hubate tokko hirmaattotni kunneen yeroo gaafficha deebisan leenjifamtootni hanga ogeessota kaanii ogummaa hin qabani yookin waliin madaaluuf nu rakkisa yaada jedhu kan kennan ogeessotni baay'een haaraa yeroo leenjifamtootni hojiitti bobba'an qacaraman sadarkaa barumsaatiin digrii seeraa qabaachuu[82] irraa kan ka'e yookin ogeessota seeraa muuxannoo yeroo dheeraa qabanii fi mataa ofii (isaanii)

[82]Gaaffii Afaanii:Obboo Abdulkariim Adam, I/G/W/Haqaa Aanaa Goobbaa, Baale, Guraandhala 2002,Obboo Yaassin Ibraahim, Presidaantii M/M/Aanaa Dodolaa, Arsii Lixaa, G/dhala 12,2002

waliin dorgomsiisuun waan ta'eefidha. Ta'us yaada hirmaattota hedduun ga'uumsi oggummaa leenjifamtootaa kan warra LHD kana osoo hin fudhatiin kallattiin haaraa qacaramanirra fooyyee qaba jedhu kana kan haaluu danda'u miti.

Dhumarrattis, hirmaattotni garaagaraa ittigaafatamtoota waajiraalee poolisii, manneen amala sirreessaa, dhimma dubartootaa dabalatee ofiseroota seeraa, barreessitoota mana galmee, dubbi-fixxootaa, abukaattota, qorattootaa fi poolisii dhaddachaa akkasumas abbootiin dhimmaa adda addaa gaaffilee afaanii akka deebisan ta'eera.

Gabatee Lakk.9: Garaagarummaa ga'uumsa ogummaa irratti A/S fi A/A warra leenji'anii fi hinleenjine gidduu jiru

Qabxiilee Safartuu/deebii kenname	**Baayina Hirmaattootaa Yaada Kana Kennanii**	**Dhibbentaa Dhaan**
A/S fi A/A LHD fudhatan kanneen hinfudhatin irra ga'uumsa ogummaan fooyyee niqabu	81	81.81
Garaagarummaan ga'uumsa ogummaa lameen gidduu hinjiru	13	13.13
Kanneen leenjii fudhatan hanga wara hinfudhatiniiogummaa hinqaban	5	5.05
Walmadaalchisuuf ykn yaada kennuuf nurakkisa	-	-
Ida'ama	99	100%

Daataan gabatee lakk.9 oliirraa mul'atu kunis kan agarsiisuu, ogeessotni leenjii hojiin duraa fudhatan kun ga'uumsi isaan akkaataa seeraa fi heeraatiin tajaajiluurratti ogummaan qaban quubsaa ta'uu dha. Gama biraatiin, leenjifamtootni hanqina ogummaa ni qabu kan jedhan

hirmaattotni lakkofsi isaanii xiqqaa ta'e yaada kennaniin hir'inni ga'uumsaa jirus seeraa adeemsa falmii irratti kan hammaatu ta'uu ibsu. Kunis sababiin isaa:

- Leenjichi gara irra caalu ga'uumsa ogummaa seeraa gonfachiisuu irratti kan xiyyeeffate ta'us akkaataa barbaadamuun dhimmoota qabatamaan deeggaramee, shaakala daree keessaa (moot court practice) hordoffii fi qajeelfama leenjisaa ogummaa gahaa qabuun raawwatamuu dhabuu.

- Leenjiwwan plaasmaadhaan wirtuu leenjii federaalaa irraa kennaman irratti haalli kenna leenjii shaakallii qabatamaaf waan hinmijoofneef caalatti saayinsii seeraa (theory) akka ta'u taasisuu isaa.

- Leenjistoonnis hangi tokko muxannoo hojii A/S fi A/A qaban yoo ta'ellee leenjiiwwan tooftaalee leenjiin ga'eessotaa itti kennamuun qabaachuu dhabuu (lack of training skill and methodology).

- Gamaaggamni godhamus irra caalaa naamusa irratti xiyyeeffachuudhaan,madaallii fi qormaatnis ogummaadhaaf xiyyeeffannaa addaa kennuu dhabuu[83].

Walumaagalatti xiinxalli daataa gaaffilee barruu fi afaanii irratti gama ga'uumsa ogummaa seeraa leenjitootaa ilaalchise godhame garri caalu warri leenji'an isaan hinleenji'in irra fooyyee qabaachuu yoo mirkaneesses hanqini jiraachuu isaa kan agarsiisu immoo baay'ini muraasa ta'uun olitti sababiin ibsu tuffatamuu kan hinqabneedha. Kunis, ogeeyyiin leenjicha fudhatan kun isaan hinleenjineen walbiratti yoo ilaalaman hanqina ogummaa bal'inaan isaan irratti mul'atu keessaa:

- Gama A/Alangaatiin himata qulqulina qabu keewwata seeraa rogummaa qabuu fi ragaa quubsaan deeggaranii dhiheessuu dadhabuu, dhaddacharratti tooftaa fi adeemsa ragaa dhagahuu wallaaluun gaaffii duraa ykn keessa deebii ykn qaxxaamuraa gaafachuu

[83] Gaaffii Afaanii:A/Seeraa namoota lama leenjii kan fudhatan fi Leenjistoota namoota lama (maqaan beekaadhuma dhiifame)

dadhabuu,falmii seeraa fi sababiin deeggarame kaasu dadhabuu fa'a irraa kan ka'e murtii kennisiisuu dhabuudha[84].

- Gama A/Seeraatiin immoo seerota muummee fi seerota deemsa falmii addaan baafachuu dadhabuu,himata hanqina qabuun murtii kennuu, sababii malee mirga wabii kennuu ykn dhoorkuu,tartiiba deemsa falmii wallaaluu, ragaa ittisaa malee murtii kennuu, sababii malee galmee cufuu, dhagaha ragaa irratti gaaffii qulqulleessaa dhiisuu/qulqulleeffachuu dhabuu, sababa adabbii cimsuu fi hir'isu wallaaluu, murtii ofii kennan ofumaa diiguu fa'aadha.[85]

A/seeraa fi A/alangaa sadarkaa godinaalee jiran qorannoon kun gaaffii afaanii irratti hirmaachises ogeeyyii LHD fudhatan kanneen murtiilee fi galmeelee isaan hojjatan sadarkaa ol'iyyannootiin yemmuu dhufan ga'uumsa ogummaa isaanii madaaluu akka danda'an ibsuudhaan kanneen keessaayis garri irra caalu qulqulina kanqabuu fi ogummaa gariin kan irraa hubatamu ta'uu haaluma daataawwan biroo olitti ilaalaman irra caalaan mirkaneesse kan deeggaruudha. Haata'uuti, asirrattis sagaleen muraasni hanqini ogummaa leenjitootaa kan bal'inaan mul'atu ta'uu fi kunis hanqinoota olitti tarreeffaman akka ta'an agarsiisu[86].

iii, xiinxala Dhimma galmeelee

Gareen qorannoo kun leenjiin hojiin duraa gama ogummaa seeraa leenjifamtootaa dabaluutin bu'aan fide maal akka fakkaatu hubachuuf galmeelee isaaniin hojjatamanis hanga tokko ilaaleera. Bu'uruma kanaan galmeeleen gara 54 kan ilaalaman yoo ta'an, isaan keessaa galmeelen 31 galmee yakka yoo ta'an 23 immoo galmee hariiroo hawaasaati. Akkasumas warra

[84] Gaaffii Afaanii:I/G/W/Haqaa Aanaa Bachoo,Godina Sh/K/L, G/dhala-----,2002,Obboo Taaxaq Shaawol, I/G/W/Haqaa Aanaa Sinaanaa, Baale Roobee,G/dhala 18, 2002, Obboo Muhaammad, I/G/W/Haqaa Aanaa Habroo,Godina H/Lixaa, Galamso,G/dhala 12,2002.

[85] Gaaffii Afaanii:Obboo Gizaachoo Dibaabaa, Presidaantii M/M/Aanaa Kfalee, Godina A/Lixaa,G/dhala 11,2002, Presidaantii M/M/Aanaa Loomee,Mojo,G/dhala 25, 2002.

[86] Gaafii Afaanii: Obboo Abdulsalaam Amaan fi Obboo Fiqruu Isheetee, A/Alangaa Godinaa, Baalee Roobee,G/dhala 19, 2002, Obboo Irquu Morkaa fi Obboo Girmaa Lammaa, A/Seeraa M/M/Ol'aanaa Godina Baalee, Roobe, G/dhala 2002, Obboo Baqqalaa-------,A/Seeraa M/M/Ol'aanaa Godina Sh/K/Lixaa,Waliso, G/dhala 25, 2002.

leenjicha hinfudhanneen waldorgomsiisuuf akka mijatu galmeewwan 15n ta'an warra leenjicha hinfudhatiniin kan hojjaman yoo ta'u,39 immoo warra leenji'een kan hojjatameedha[87].

Gareen kun xiinxala galmeele kana irratti adeemsiseen galmeeleen harki caalu hanqina ogummaa seeraa kan keessatti hin mul'anne ta'uun nihubataman. Haata'u mlee galmeeleen tokko tokko hanqina kan qaban ta'anii argamaniiru, kunis gama abbaa Alangaatiin himata keewata seeraa sirrii ta'e jalatti dhiheessuu dhabuu, keewwata olkaasanii ykn gadi busanii himachuun fa'a mul'ataniiru[88]. A/Alangaa leenjicha fudhatan kan hojjatan qabiyyee fi barreeffamni himannichaa ifaa fi tartiiba kan qabu yoo ta'u, kan isaan leenjicha hinfudhatinii immoo hanqini gama kanaan qaban xinnaadha[89]. Gama abbootii seeratiin immoo murtii balleessaa fi adabbii kennamu keewwata seeraa sirrii ta'e jalatti kennuu dhabuu, murtii balleessaas ta'ee adabbii sababaan deeggaranii kennuu dhabuun kan hubatame yoo ta'u hanqini kunis galmeewwan A/Seeraa leenjicha fudhatanii irra caalaa kan isaan hinleenji'inii irratti mul'ata[90].

Akkasumas galmeewwan hariiroo keessattis fuulaa ykn guyyaa ykn maqaa walfalmitootaa barreessuu dhiisuu, ajaja ifa hintaane kennuu, sababa beellamaa ibsuu dhabuu,murtii keessattis seensa murtii barreessuu dhabuu ykn firiiwwanii fi ijoo dubbii ifaa fi gabaabinaan ibsuu dhabuu,jecha ragootaa akkuma jirutti garagalchuu, ragaa fi ijoo walitti xiinxaluu dhabuu, murtii fi waan murtaa'e adda baasanii kaayuu dhiisuun fa'a bal'inaan kan mul'ate ta'us hanqini kun warra leenjii fudhatanii fi kan hinfudhatin irrattis haala walfakkaatuun hubatameera[91]. Waliigalaatti yoo ilaallu sagantaan LHD gama ogummaa seeraa Abbootii seeraa fi Alangaa dabaluutiin qabu gaarii ta'us,ammas gama kanaan hedduu kan hafu ta'uu daataawwan hanga ammaatti xiixnxalaman irraa hubachuun danda'ameera.

---

[87] Galmeewwan yakkaa wanti baay'ateef A/S fi A/Atis madaaluuf waan dandeessisuuf yoo ta'u,kan warra leenjicha fudhatee fi isaan hinfudhanneen hojjatames kan dabalatuudha.

[88] A/Alangaa.V. Aadde Iteenesh Taarikuu, Galmee yakkaa Lakk.00179, M/M/Aanaa Arjoo,Godina W/Bahaa,G/dhala 16,2002.

[89] A/Alangaa.giddu Obboo Addisuu Silashii, Galmee yakkaa(A/A) Lakk.2117, W/Haqaa Aanaa Walisoo,A/Alangaa giddu Obboo Nagaash Hundeessaa,Galmee A/A Lakk.2026,W/H/Aanaa Walisoo.

[90] Galmee yakkaa Lakk. 05188/2002, Galmee yak Lakk.05122/2002, Galmee yak. 05019/2002, M/M/Aanaa Booraa; A/Alangaa giddu Kubbaa Nagaash, Galmee yakkaa lakk.00151/2002,A/A giddu Misikkir Makonnan, Galmee yakkaa lakk.00146/2002, M/M/Aanaa Agaarfaa.

[91] Galmee Hariiroo Lakk.12010/2002,11821/2002, M/M/Aanaa A/Tulluu;Galmee Hariiroo Lakk.09829/2002,Galmee Lakk.09908/2002,M/M/Aanaa Habroo,Galmee Lakk.09887,M/M/Aanaa Dodolaa; Galmee Lakk.17655,Galmee Lakk.17607, M/M/Aanaa Walisoo.

Sagalee olaanaa ta'uu haa baatu malee yanni namoota bu'aan gama kanaan dhufe hin jiru jedhanii fi gareen qorannaa kunis doo'annoo dhaddachaa fi xiinxala galmeewwani irraa hubates salphaa miti. Kunis Abbootiin seeraa fi abbootin alangaa LHD fudhatan gama ogummaa seerota bu'uuraa fi deemsawwanii irratti hanqina qabaachuu isaanii ti. Kana malees dhimma kana yaada namoonni lleenjiin kun irratti haa xiyyeeffatu jedhan irraayis yoo ilaallu iddoon ogummaa seeraa kun osoo irratti xiyyeeffatee kan jedhan namoota hedduudha.

Gareen qo'annoo kana gaggeessus ciminaa fi hir'ina gama ga'uumsa ogummaa leenjitootaatiin jiru irra caalaa adda baafachuuf kan nama dandeessisu xiinxala galmeewwanii fi hojiiwwan dhaddacha irratti daawwatamanii ta'uu kan itti amane waan ta'eef kanneen armaan gadii akka fakkeenyummaa kallattiitti ilaaleera. Galmee hariiroo hawaasaa mana murtii ogeessotni leenjii hojiin duraa fudhatan qofti argaman tokko,[92] keessatti abbootii seera leenjifamtoota ta'an kanaan yeroo garaagaraatti hojjetame tokko akka armaan gadiitti haa ilaallu;[93]

> *himataan falmiin dhiyeesse himatamaan kun goromsa naaf gurguree adaraadhaan isa bira kaawwadhee waan na jalaa gurgurateef gatii goromsa yeroo kana baastu Qar. 1800.00 akka naa kanfalu jedha. Himatamaan gama isaatiin himannoon kun kana dura narratti dhiyaatee kufaa ta'ee waan jiruuf lammata na hin himatu jechuun mormii sdaarkaa duraa kaasee, goromsa kan himataas akka hin gurguranne waakkateera.*

Abbaan seeraa falmicha gaggeesses ijoo ifa ta'ee fi qabamuu qabu erga qabatee galmicha galmee hoggas dura ijoon kun irratti laalameera jedhame waliin qorachuuf erga bulchee abbaan seeraa biraas qoratee ajaja kenneen galmeen himatamaan kana dura ittiin himatamee kufaa narraa ta'eera kan jedhu sababni itti kufaa ta'eef gatiin goromsa jedhamtee yeroo himanni duraa dhiyaatetti Qar. 500.00 (dhibba shan) jedhamee waan dhiyaateefidha. Yeroo ammaa himanni dhiyaate garuu Qar. 1800.00 (kumaa tokko fi dhibba saddet) kan gaafatu waan ta'eef mormiin sadarkaa duraa ka'e kan fudhatama seeraa qabu miti jechuun bitaa mirga akka falmiitti galan erga godhee jecha ragoolee bitaa mirgaa qulqullinaan erga fuudhee murtii kenne keessattis haalli jecha ragoolee ittiin madaale, sababni murticha ittiin kabe (deeggare), akka waliigalaatti kenniinsaa fi barreessa murtichaarratti ga'uumsi ogummaa kan hanqina qabu ta'uu mul'isa.

[92] Go/Sh/Ki/Lixaatii M/MAa/Sooddoo Daaccii, Gurandhala 2002
[93] Shobboo Gonjaa Vs Shonee Guraaraa, lakk. G. 01427, 2002 (kan hin maxxafmne)

Akkasumas ga'uumsa ijoo dubbii baasuu fi mormii sadarkaa duraarratti turtii malee ajaja barbaachisu kennuu waliin walqabatee abbaan seeraa jalqaba galmicha qabate (leenjifamaan kan biraa) kun mul'ise fooyya'iinsaa gaarii jiru ta'uu isaa kan agarsiise ta'us ajajni kenne garuu hir'ina kan qabuudha. Jecha waliigalaatiin, galmeelee biroo mana murtiichaatti ilaalamanirraas[94] hubachuu akka danda'ameetti ga'uumsi ogummaa leenjifamtoota kan fooyya'iinsaa qabuufi ijoowwan walxaxaa fi walfalmisiisaa turanillee bifa salphaadhaan furuudhaaf kan isaan dandeessise dha jechuuf nama hin rakkisu. Gama braatiin daawwannaa galmee M/Murtii tokko keessatti [95] abbootiin seeraa leenjifamtootni hojjetanii fi kan warri leenjii hojiin duraa kana hin fudhatiin hojjetan galmeelee lama lama walbira qabuun ilaaluuf yaalamee jira.

Galmeelee abbaan seeraa leenjicha fudhate hojjate yeroo ilaallu jalqabaa hanga xumura galmeeleen kun cufamaniitti beellamoota 3-4 qofa kan itti fudhate yoo ta'u, [96] abbaan seeraa leenjicha hin fudhanne garuu galmeelee walfakkaataa ta'an [97] beellamoota 6-8 ta'an beellamee jira kun garaagarummaa bal'aan fooyya'iinsa tajaajilaa fi saffisa irratti jiraachuu mul'isuu irra darbee ga'uumsi ogummaa leenjifamtootaa sadarkaa inni irra jirullee akeekuu kan danda'udha. Gama biraatiin galmeewwan abbaan seeraa hin leenjine hojjate olii kana keessatti ajajootni kennaman seeraa fi sababa kan hin bu'uureffannee ta'uu, murtiilee kennaman keessaattis jecha ragaa dhiyaatee ifatti caqasuu dhabuu, sababni ragaan tokko itti fudhatame yookin kufaa ta'e kaa'uu dhabuu, ijoo qabachuudhabuu akkasumas sababni itti adabbii cimsanii fi laaffisan ifa ta'uu dhabuu hubachuun ni danda'ama.

Rakkooleen bifa kanaa galmee leenjifamtootni hojjetan kanneen olii kana keessatti darbee darbee yoo mul'ate malee akkanatti kan itti hammaate akka hin ta'iin galmeelee ilaallaman kanarraa ni mul'ata. Hima gabaabaadhaan gama kanaanis leenjitootni fooyya'iinsa qabu jedhanii ija jabinaan dubbachuuf kan nama dandeessisu yoo ta'ellee, darbee darbee hanqini bu'uraa mul'achuun isaa xiyyeeffannaan hedduu ammas gama kanaan kennamuu akka qabu hubachiisa. Kanaafis hr'inoota armaan gadii galmeellee adda addaa daawwataman iratti hundaa'uun kaasuun ni danda'ama.

---

[94] Yaadasaa Tsiggee Vs Mallasaa, lakk. G. 01392.M/M/A/Sooddo Daccii

[95] Ahimad Umar guddu Huseen Ahimad, Galmee Lakk. 09997/2002,M/Murtii Aanaa Habroo

[96] A/Alangaa Vs Zaaraa Ahmad, lakk. G. 15040, 2002 fi A/Alangaa Vs Jaabir Yusuuf, lakk. G. 14096, 2002 G/H/Li/M/M/Aa/Habroo

[97] A/Alangaa Vs Hindii Nuuraa, lakk. G. 09933, 2002 fi A/Alangaa Vs Magarsaa Umar, lakk. G. 09970, 2002. Go/Ha/Li/Aa/Habroo

- Gama leenjifamtoota abbaa alangaa tokko tokkootiin himannoo yakkaa qopheessan irratti gochaa raawwatame illee ifa godhuu dhabuun …himatamaan kun waan miidhamtuu kana rukuteef… jechuudhaan akkamitti, maaliin, kkf qabxiiwwan jedhan adda baasuu ooluu; [98]

- Gosa himata yakkaa (mata duree) gabaabbinaan kaa'uu ooluu;'himatamaan seera yakkaa keewwata 351(b) bira darbuun yakka raawwatedha' ..,.jechuun osoo gosa yakkichaa hin ibsiin gara tarree yakkichaatti galuun nimul'ata.[99]

- Miidhaa gochaa yakkaan dhaqqabe,akkaataa fi maaliin gochaan yakkaa tokko akka raawwatame ifa godhuu ooluu fi qaama bakka kam akka miidhamaan dhahame fa'a ibsuu ooluu; …himatamaan kun miidhamaa dhuunfaa kana uleedhaan mataarra dhahee waan miidhaa irraan gaheef himatameeraa jedhulee maaliitiin?, mataa bitaa moo mirgaa?,miidhaa salphaa moo cimaa?kanneen jedhan kana ifa gochuu dhabuun ni mul'ata. [100]

- Gama leenjifamtoota abbootii seeraatiinis gaaffiilee qulqulleessituu fi qaxxamuraa ragoolee jecha kennan irratti sirnaan kaasuu fi galmeessuu ooluu,1

- Keewwata seeraa bu'uuraffatanii murtii kennan adda baasuu fi caqasuu ooluun ,keessattuu yeroo himatamaan himannoo irrati dhiyaatu amanu yookin mormuu oolu itti gaafatamummaa himatamaa kanaa yeroo murteessan seera bu'uuraa itti gaafatamummaa dhale caqasuu ooluun seera adeemsaa qofaa bu'uureffatanii murteesuu,

- Murtii kennan keessatti ragaa rogummaa fi amanamummaa qaburratti hundaa'uu dhabuu; himatamaan himataatti bo'oo lama darbee dachii jalaa qotateera jedhee bulchaan ganda tokkoo xalayaa waan himataaf kenneef qofa ragummaa xalayichaa osoo hin seecca'iin bu'uura kanaan murteessuutu mul'ataa jira. [101]

[98] A/Alangaa Vs Addunyaa Dabalaa, lakk. G. 01535, M/M/Aa/Bachoo, (kan hin maxxanfamne)
[99] A/Alangaa Vs Afwarq Asaffaa, lakk. G. 01490, M/M/Aa/Bachoo.
[100] A/Aalngaa Vs Abiyyi Maammoo, lakk. G. 00811 fi Kan olii miiljalee lakk.m
[101] Naggasaa Baayyuu Vs Amaduu Naggasaa, lakk. G. 09425, M/M/A/Qarsaa Maallimaa (kan hin maxxanfamne) fi Dirribaa Addunyaa vs Charuu Adaree,lakk.G.04556 m/m/a/J/Arjoo(kan hin maxxanfamne)

Hir'ina ogummaa leenjifamtootaa darbee darbee seera adeemsa falmii fi raawwiitiin walqabatee ka'uun kan walsimu galmee raawwii abbaan seeraa leenjii fudhate tokko hojjate akka armaan gadiitti ilaaluun ni danda'ama. [102]

Galmee himannaa raawwii kana keessatti R/himattuun qabeenyi murteen irratti naaf kennamee jiru akka naa raawwatamu jettee yoo gaafattu, R/himatamaan oliyyata fudheen jira, hanga murtiin aachii naa kennamutti hin raawwadhu jechuun falmii afaanii kan dhiyeeffate ta'uu galmicharraa ni hubatama. Giddu lixxummaa kan gaafatus iyyatni dhiyaachuu ibsuudhaan abbaan seeraa kun iyyattuun gidduu seentee akka falmattu jechuun ajaja kenneera. Ittiaansuunis galmee qorachuuf kan bulche yoo ta'u, erga qoratees ijoo dubbii kan ta'e tarree qabeenyaa R/himattuun qixxeettii qabna jettu, gidduseentuu fi R/himatamaan garuu kan waakkatan erga caqasee ajaja itti aanu kenneera.

> *Qabeenyaa fi qabiyyee falmii kan ta'e jechuun erga tarreessee bulchiinsi. R/himattuu, R/himatamaa fi giddu lixxuu jidduutti saditti qoodee bu'aa akka nuuf ibsu jedheera.*

Galmee kanarra rakkooleen adeemsa seeraa hordofuu dhabuu tokko tokko kan mul'atan yoo ta'u; sababa tokko malee galmee qorachuuf bulchuu, sababa eeyyamu ragaa fi seera irratti osoo hin hundaa'iin ajajoota kennuu fi kkf dha. Akka fakkeenyaatti kaasuun yoo barbaachise abbaan seeraa kun giddu lixummaa eeyyamuun dura adeemsi inni deeme tokko hin jiru, waan gaafatameef qofa eeyyamuu isaa ibsuun, sababa hin beekkamneef galmee qorachuuf bulcheera. Qabeenyi falmii raawwiirra jiru bakka saditti giddu lixxuu dabalatee haa qooddamu jedhee ajajuufis ragaan yookin seerri mirga kana argamsiisu jiraachuu waanti caqase yookin bu'uureffate hin jiru.

3.4, Ga'uumsa Naamusaa Gama Ilaaluun

Ga'uumsa hojiin abbaa seerummaa fi abbaa alangummaa gaafatan kan sagantaan leenjii hojiin duraa irratti xiyyeeffatu gurguddoo keessaa inni tokko gaa'umsa naamusaa akka ta'e

[102] Tigist Dhibbaa Vs Sirraafaa Galataa, lakk. G. 05096, 2002 (kan hin maxxanfamne)

kariikulamii sagantichaa gulantaa kanaa irraa ni hubatam.[103] Ga'uumsi naamusaa qabxiilee ittiin ibsamu ykn ijoowwan ittiin madaalamu keessaa isaan gurgoddoo fi kan odeeffannoon qo'annoo kanaa irratti funaanamee xiinxalame;

- ✓ loogii fi gartummaa irraa bilisa ta'uu,
- ✓ Faaydaan (matta'a) hojjachuu dhabuu (seeraa fi haqaa qofaan hojjachuu),
- ✓ Yeroo hojii kabajuu fi kkf. dha. [104]

Ijoowwan madaallii naamusaa kanneen irratti gaaffiin barreeffaman qophaa'uudhaan prezidaatootaa manneen murtii fi hoggantoota waajjiraalee haqaa walumatti namoota 46 fi abbaa seeraa fi abbaa alangaa leenjicha hin fudhatin 41, walumaagalatti hirmaattota 87 akka guutan gochuun odeeffannoon funnannameera. Odeeffannoon bu'ura kanaan argames akkaataa gabatee lakk.10 armaan gadiitti kan dhiyaateedha.

a, A/Seeraa fi A/Alangaa (leenjii kan hinfudhatin) fi Hooggantoota M/M fi W/H

Gabatee Lakk.10: Xiinxala Gaaffii Barruu

TL	Madda Daataa	Tooftaa funaanni	Baay'ina	Safartuu (Sadarkeessaadhaan)					
				DO	O	G	GA	HB	Ibsa

[103] Kariikulamii saganntaa leenjii hojiin duraa kan biyya Faransaayiti kan binna gaanaa qo'annoo knna boqonnaa II, fuula 6 fi 10 irratti kan ibsame yaadachuun ni danda'ama, kan binna keenyaa immoo fuula ____ irratti ibsame kenname yaadachiisa.

[104] Danbiilee naamusaa A/Seerummaa fi A/Alangummaa diriirsan kan federalawaa fi kan Oromiyaa walitti ilaaluudhaan kan fudhatameedha.

	PresidaantotaM/Mfi hooggantoota W/H, A/S fi A/A hinleenji'in	Gaaffii barruu	87	32	30	19	3	3	

Akkuma gabatee kana irraa hubatamutti namoonni odeeffannoo kana kennuudhaan hirmaatan dimshaashumatti naamoota 159 (100%) yoo ta'an, isaan keessaa dhibbantaa muraasaan ala dhibbantaan walakkaa ol ta'u ga'uumsi naamusaa abbaa seeraa fi abbaa alangaa qo'annoon kun irratti geggeefame (LHD kan fudhatan) haala gaarii irra jiraachuu isaa nimul'isa.

Gama biraatiin, ga'uumsa naamusaa ilaalchisee gaafiin afaanii abbaa seeraa fi abbaa alangaa kan leenjicha fudhatanii (53) fi warra hin fudhatin (27) walumatti namoota 80f dhiyaateen odeeffannoon argame akka agarsiisutti hirmaattota gaafii afaanii kanaan odeeffannoo kennan namoota 80 (100%) keessaa naamoonni 43 (53.75%) ga'uumsa naamusaa daraan ol'aanaa ta'e warri leenjicha fudhatan akka qaban yoo mul'isu, namoonni 17(21.25%) immoo ol'aanaa akka ta'e agarsiisu. Namoonni 13(16.25%) immoo gaariidha yoo jedhan namoonni 3(3.75%) garuu gadi-aanaa akka ta'eedha kan hubachiisan.

Egaa, xiinxalli odeeffannoo gaafii afaaniin argamee kun kan gaafii barreeffamaa armaan dura ilaalleen kan walfakkaatuu fi kunis waliigalaatti ogeessonni madaalliin irratti godhame kunniin naamusa ogummaan hojichaa barbaadu daraan ol'aanaa ni qabu gara jedhutti geessu. Kanaan alattis ga'uumsa ogeeyyii kanneenii madaaluu keessatti qo'annoon kun galmee himanna naamusaatis kan sakatta'e yoo ta'u bu'uruma kanaan abbaa seeraa fi abbaa alangaa LHD fudhatan keessaa himannaan naamusaa irratti dhiyaatee qaama angoo qabuun badii naamusaa raawwachuun mirkann'ee kan adabame ilaaluuf yaalameera. Gama kanaan godinaalee fi aanaalee gareen qo'annichaa qaamaan dhaqqabe keessatti ogeessi LHD fudhate kan naamusaan himatame akka hin jirre hubatameera.[105] Haata'u malee, sadarkaa gumii abbootii seeraa

[105] Gaaffii Afaanii: Obboo Taaddala Nagishoo, Presidaantii M/M/W/Oromiyaa,Finfinne, Ebla 2002

Oromiyaatti yeroo abbootiin seeraa leenjicha fudhatan kun hojitti bobba'anii eegalee himannaa naamusaa dhiyaatanii murtii argatan 19 keessaa isaan leenjicha fudhatan tokkolee kan hin jirre yoo ta'u, himata naamusa beellama irratti argamu 11 keessaa kan ogeessa LHD fudhate irratti dhiyaate tokko qofaa ta'uunis hubatameera.[106]Gama Biiroo Haqaa Oromiyaatiinis abbaa alangaa leenjii fudhatan keessaa tokko qofaan kan himatamee fi dhimmichii beellama irra jiraachuu isaa odeeffannoon argame ni ibsa.[107]

Egaa, ogeeyyii leenjicha fudhatan keessaa namni lama qofaan himatamuun isaanii akka waliigalaatti ga'uumsi naamusaa haala gaarii irra kan jiru ta'uu kan agarsiisu ta'uu hubachiisa. Murtii argatuu baatullee himanni ogeeyyii lamaan kana irratti dhiyaate abbaan seerichaa gocha sagaagalummaa abbaa dhimmaa waliin raawwate kan jedhu yoo ta'u, abbaan alangichaa immoo jeequmsa hojjattoota mana hojichaa giddutti uumamee ture keessatti hirmaateera kan jedhuudha.[108] Ta'us, haalli kun ga'uumsi naamusaa ogeeyyii LHD fudhatan qaban akka waliigalaatti baay'ee ol'aanaa akka ta'ee fi himanni lameen kun immoo haala gaarii akka waliigala qabatamaa jiru kanaan wal bira qabamee yeroo ilaalamu milkaa'ina gama kanaan argame kan haaluu hindandeenye akka ta'e nihubatama. [109]

3..5, Gama Ilaalcha tajaajiltummaatiin

Ga'uumsi ilaalchaa kan ittiin ibsamu ulaagaaleen ijoo ta'aniifi madaalliin qo'annoo kanaatis kan bu'ura godhate keessaa hanga tokko asitti eeruun xiinxala odeeffannoo gama kanaan godhamu haalaan hubachuudhaaf hedduu gargaara. Ulaagaaleen[110] ga'umsa ilaalchaa safaruuf ykn madaaluuf qo'annichi itti gargaarame kunis.

- Ogummaan A/Seerummaa fi A/Alangummaa tajaajila haqaa dhimmamtootaaf kennuuf malee kabajaa fi ol'aantummaa addaa ogeessota kana gonfachiisuuf akka hin taane amanuufi hojii irrattis kanuma ibsuu. Miira tajaajiltummaa qabaachuu.

[106]Gaaffii Afaanii: Garee Inispecshiinii M/M/W/O, Ebla 05, 2002
[107] Obboo Taaddalee Nagishoo,Miil-jalee 130;Obboo Tasfaayee Dhaabaa,I/A Biiroo Haqaa Oromiyaa,Finfinne, Ebla 2002
[108] Isuma olitti caqafame kana.
[109] Obboo Sa'id Jundii, I/A presidaantii M/M/W/Oromiyaa, Finfinne, Ebla 2002
[110] Kaayyoo fi kariikulama dhaabbilee ogeeyyii qaamolee haqaa kan adda addaa irraa cuunfamee kan fudhatame.

- Abban dhimmaa maamila ulfaataa fi kabajamaa tokko ta'ee fi dhamaatiifi kamii tokkoo malee tajaajila haqaa barbadu qulqulinaafi saffisaan argachuu akka qabu amanuufi kanas kutannoo fi si'oomimnaan hojitti ibsuu.
- Rakkoo haqaa hawaasichaa furuudhaaf kaka'uumsaa fi tattaaffii ogeessichi agarsiisu.
- Walqixxummaa dhimmamtootaa fi mirga namootaaf qooqamaa fi iftoominaan hojjachuu.
- Hojiin haqaa ogeessi tokko kopha isa kan hojjatu osoo hin ta'in hojii gareen hojjatamuu qabu akka ta'e amanuudhaan hojjattota mana hojjchaa fi qaamolee haqaa biro waliin walii galanii hojjachuu irratti qophii fi iftoomina jiru.

Bu'uruma ulaagaalee olitti tarreeffameen odeeffannoo gaaffii barreeffamaan A/Seraa fi A/Alangaa warra LHD fudhataniifi isaan hin fudhatin irra argame fi gaafii afaaniin immoo hirmattota gara biroo dabalatee kan funanname akka armaan gadiitti walduraa duubaan xiinxalameera.

i, A/seeraa fi A/Alangaa LHD fudhatanii fi hinfudhatin(Aanaa)

Gabatee Lakk.11: Xiinxala Gaaffii barreeffamaa

	Madda Daataa	**Tooftaa funaanni**	**Baay'ina**	**Safartuu (Sadrkeessaadhaan)**				
				D/O	**O**	**G**	**GA**	**HB**
1	A/Seeraa fi A/Alangaa LHD fudhatan	Gaaffii Afaanii	72	63(88%)	8(11%)	1	-	-
2	A/Seeraa fi A/Alangaa LHD Hinfudhatiin	,,	42	6 (14%)	18 (43%)	16 (38%)	2(5%)	-

Akka waliigalaattis, xiinxalli oodeeffannoo kanaa kan hubachiisu gareen ogeeyyota gosa lameenuu walbiratti yemmuu ilaalamn warri leenjicha fudhatan fooyya'iinsi gama kanaan argame daraan ol'aana (DO) ykn ol'aanaa (O) ta'uu isaa dhibbantaa 98.6n yoo mul'isan, isaan leenjicha hinfudhatin immoo dhibbantaa 57n sadarkaa walfakkaatu mul'isan. Haalli kun immoo garee lameen gidduu garaagarummaan kan jiru yoo ta'u kunis daataa garee lameeniituu amansiisaa akka hintaane waan godhuuf daataa gama birootiin walitti ilaalamu akka qabu hubachiisa.

ii, Xiinxala Gaaffii Afaanii Hoggantoota manneen hojii seektaroota haqaa, A/seeraa fi A/Alangaa LHD fudhatanii fi isaan hin fudhatin fi Maamiltoota Hirtaa Adda addaa

Daataan kun yemmuu xiinxalamus, hoggantoota manneen hojii seektaroota adda addaa[111] gaaffii afaaniitiin miira tajaajiltummaa irratti jijjiiramni LHD argamsiise maal akka fakkaatu kan gaafataman namoota 28 keessaa namoonni 22 (79%) jijjiiramni gama kanaan argame baay'ee ol'aanaa akka ta'e yemmuu mul'isu, namoonni lama (7%) immoo jijjiiramni leenjichi ogeessota fudhatan iraatti gama miira tajaajiltumman fide gadi aanaa ta'uu agarsiisan. Fakkeenyaaf, galmee dhimma qabatan qorannoodhaaf jechuudhaan abbaa dhimmaa garmalee deddeebisuu, akka nama addaatti of ilaaluun namoota biro tuffachuu, dantaa dhabuudhaan galmee sababa malee cufuun hanqinoota gama kanaan jiran keessaa isaan muraasaadha[112]. Namoonni 4 immoo jijjiirama gama kanaan argame beekuu hindandeenye. Haaluma walfakkaatuun, A/Seeraa fi A/Alangaa leenjicha fudhaatan 53 fi isaan hin fudhatin 27 keessaa walduraa duubaan namoonni 50 (94%) fi 18(68%) jijjiiramichi leenjichi miira tajaajiltummaa irratti uume baay'ee ol'aanaa akka ta'e yemmuu mul'isan, warri leenjicha hinfudhatin namni 6(22%) garuu jijjirramni dhufe hinjiruu yaada jedhu ibsaniiru. Garee lamaan irraayyuu namoonni sadii sadii (6%) fi (11%) jijjiirama gama kanaan jiru beekuu akka hin dandeenye xiinxalli daatichaa ni ibsa.

Hirmaattoota maamila hirtaa adda addaa odeeffannoo kennan namoota 99 keessaa immoo 93(94%) kan ta'an jijjiirama baay'ee ol'aanaa ta'e leenjichi fiduu isaa yoo mirkaneessan, namoonni 6(6%) garuu beekuu akka hin dandeenye ibsan. Akka waliigalaattis, miira tajaajiltummaa LHD ogeeyyii leenji'an irratti fide ilaalchisee namoota 207 gaafii afaanii irratti odeeffannoo kennan keessaa dhibbantaan 88.4 jijjiiramichi baay'ee ol'aanaa akka ta'e, dhibbantaan 3.9 immoo jijjiiramni addaa leenjichi fide akka hin jirre[113] fi dhibbantaan 7.7%

[111] Presidaantota Manneen Murtii sadarkaa adda addaa,hooggantoota waaajjiraalee haqaa adda addaa,itti gaafatamtoota poolisii.

[112] Gaaffii Afaanii: Obboo Muhaammad Ahimad, Presidaantii M/M/Aanaa Gaasaraa,Baale, G/dhala 16,2002; Obbo Abdulkariim Adam, I/G/W/Haqaa Aanaa Gobbaa, Baale, G/dhala12, 2002, , Presidaantii M/M/Aanaa Qarsaa Maallimaa, G/dhala 16,2002.

[113] Miirri tajaajiltummaa ogeeyyii LHD fudhatanii isaan osoo leenjicha hin fudhatin hojitti seenan irraa adda taasisu hin jiru. Kan leenjii anii fi hin leenji'in keessaa rincicaa fi cimaanis gama kanaan ni jiru jedhu.

immoo jijjirama gama kanaan dhufe beekuu akka hindaanda'in Sababii isaa ibsuudhaan hubachiisu.[114]

Kanaaf, xiinxalli odeeffannoo barruu fi afaanii olitti dhiyaate LHD miira tajaajiltummaa leenjitootaa irratti jijjiiramaa baay'ee olaanaa[115] akka fide kan mul'isuu fi kunis amansiisaa akka ta'e guduunfuun ni danda'ama. Keessattuu, A/seeraa fi A/Alangaa LHD fudhatanii hojitti bobba'an kun aanaalee itti ramadamaa keessatti miira tajaajiltummaa fi quuqama haqaaf qaban irraa kan ka'e miilaan fageenya kilo meetira (km) hedduutti lakkaa'amu deemuudhaan dhaddacha naanna'aatiin tajaajila haqaa dhaqabamaa gochuu irratti fakkeenyummaa addaa akka agarsiisanii fi dhaddachoota dhimmoonni hedduu nuffisiisaa fi rakkisaa ta'an irratti dhiyaatan kan warri leenjicha hinfudhanne yeroo baay'ee irraa baqatan si'oominaafi kutannoodhaan tajaajilaa jiru[116]. Akkasumas, sa'aa hojii irratti moonaa mana hojichaa keessa nanaanna'uudhaan abbootii dhimmaa maal akka barbaadan gaafachuun yeroo hojichaaf ramadameen osoo hin daangeffamin itti miidhamanii kan hojjatan akka ta'efi sanbataa fi dilbatas dabalanii nuffi tokko malee tajaajila kennaa akka jiranis hubatameera[117].

3.6. Tajaajila haqaa saffisaa fi fooyya'aa ta'e kennuurratti

Ol'aantummaan seeraa akka mirkanaa'u sirni haqaa biyya tokkoo akka dagaagu yoo kan barbaadamu ta'e ogeessota seeraa ofitti amanamummaa qabanii fi seeraa fi seera qofaadhaan gaggeeffaman horachuun barbaachisaa akka ta'e boqonnaa darbe keessatti ilaallee jirra. Gama seektaroota haqaa biyyaa fi naannoo keenyaatiinis hojmaatni barmaatileedhaan raawwatamu daraan kan babl'atee fi guddina sirna haqaatiifis wal'annsoo (qormaata) ta'ee kan jiru dha.

---

[114],Namoonni jijjiirama dhufe beekuu hin dandeenye jedhan sababiiwwan ibsan walumatti kun jedhan; ogeeyyonni LHD fudhatan kun eega hojitti galanii yeroon isaa gabaabaa waan ta'eef beekuun akka isaan rakkiseefi gariin isaanii (hirmaattonni) immoo yeroo dhiyoo as kan qacaraman waan ta'aniif ogeeyyii kanneen gama kanaan madaaluuf aka hin dandeenya kan agarsiisuudha.

[115] , Doo'annaa dhaddahca manneen murtii Aanaa Adaamii Tulluu, Gurraandhala 18, 2002 fi 26,2002, M/M/Aanaa Booraa fi Aanaa Dugdaa, Gurraandhala 25,2002, ilaalaman.

[116] Gaaffii Afaanii:Obboo Taaddala Nagishoo fi Obboo Tasfaaye Dhaabaa, Miiljalee 122; Obboo -------, Presidaantii M/M/Aanaa Adaamaa, Adaamaa, G/dhala 24, 2002.

[117] Obboo Taaddala fi Obboo Tasfaaye, Miiljalee 122; Doo'annaa Dhaddachaa: M/M/Aanaa Booraa, Dhaddacha Hariiroo,M/M/Aanaa A/Tulluu, Dhaddacha hariirii (3ffaa),G/dhala 25, 2002

Gareen qo'annaa kana gaggeessus ogeessotni leenjii hojiin duraa fudhatanii gara hojiitti bobba'anii jiran rakkoo hojmaata barmaatilee hundee fageeffate kana (sirna) hojmaata seera qofaarratti hundaa'een bakkaa buusuuf gahuumsii fi tattaaffiin godhaa jiran hammami ijoo jedhurratti gareen qo'annichaa gaaffii barreeffamaa qopheessee perezdaantotni manneen murtii, hooggantootni waajjiraalee haqaa akkasumas abbootiin seeraa fi abbootiin alangaa leenjicha fudhatanii fi hinfudhatiin akka guutan godhameera. Kunis akka armaan gadiitti xiinxalameera.

a, Hooggantoota M/Murtii fi W/Haqaa fi A/Seera fi A/Alangaa (LHD kan fudhatanii fi kan hinfudhatin): Xiinxala Gaaffilee Barruu

Daataa kana irratti presidaantota M/Murtii, ittigaafatamtoota W/Haqaa, fi A/Seeraa fi A/Alangaa kanneen leenjicha fudhatanii fi hinfudhatin walumaagalatti namoonni 159 kan hirmaatan yoo ta'u, kana keessaa tajaajila haqaa saffisaa kennuu fi fooyya'iinsa sirnichaaf kutannoo fi tattaaffiin warri leenji'an qaban daraan ol'aanaa namoota 72(45%), ol'aanaa 54(%35), gaarii 22(14%), gadiaanaa 5(3%) fi kan hinjirre 2(1%) ta'uu walduraa duubaan yoo mul'isan, kunis yemmuu xiinxalamu garri hedduu irra caalu leenjifamtoonni tajaajila saffisaa kennuu fi sirna haqaa fooyyessuu irrattis kutannoo fi quuqama fooyyee qabu agarsiisuu isaanii mirkaneessa. Akkasumas leejifamtootni kun hojmaata barmaatilee hordofamaa ture hambisuu keessatti gahee ol'aanaa ta'e kan taphataa jiran ta'uu isaati. Kanarraa ka'uudhaanis waanti irratti waliigaluun danda'amu tokko, carraaqqiin leenjifamtootni seera qofaan gaggeefamuuf godhan kun leenjifamtootni ol'aantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti hojii bakki guddaan kennamuuf kan raawwataa jiran akka ta'e dha.

Qabxii kana ilaalchisee gareen qa'annichaa iddoowwan hojii ogeeyyiin leenji'an hedduminaan jiranii fi iddoo namoonni tokko ykn muraasni jiran gidduu garaagarummaa mul'atu ilaaluuf yaalee jira. Haala kanaanis iddoowwan leenjitoonni qofaan jiranitti ykn heddumaatanitti qabatamni mana hojichaa barmaatilee keessaa bahuudhaan bu'ura leenjii kennamee fi qajeelfamoota fooyya'iinsa sirna haqaatiin hojjachaa kan jiran yoo ta'u, bakka namni tokko ykn leenjitoonni muraasni jiranitti immoo aadaa baratamaa mana hojichaatiin liqinfamuu ykn immoo warra hinleenji'in waliin waliigaluu dhabuun darbee darbee walitti bu'iinsi kan uumamu akka

ta'e hubatama[118]. Fakkeenyaaf, dhimma falmii dhiirsaa fi niitii ilaalchisee leenjitoonni galmee tokko irratti ilaalamuu akka qabu kaasuun bu'uruma kanaan hojjachuuf yemmuu jedhan walli hinleenji'in immoo galmee lama irratti' ilaalamuu qaba jechuudhaan waliigaluu dhabuudhaan galmee lama irratti akka ilaalan M/M/ Ol'aanaa irraa qajeelfama kennameen walididdaan akka furame qo'annoon kun hubateera[119].

b, Maamiltootaa fi qaamota hirtaa adda addaa:Xiinxala Gaaffii Afaanii

Garaa biraatiin gaaffilee afaanii, qabxii madaallii oliirratti itti gaafatamtoota Wa/poolisii, Wa/dhimma dubartii, manneen amala sirreessaa, qorattootaa fi poolisoota dhaddachaa, ofiseeroota seeraa fi barreessitoota mana galmee, abukaattota, dubbifixxoota waajjiraalee akkasumas abbootii dhimmaa dhuunfaa garaagaraa waliin godhameen walumaagalatti namoota 99 hirmaatan keessaa jijjiiramni sirna haqaa fooyyessuudhaan hojii barmaatilee hambisuu irratti leenjifamtoonni agarsiisan daraan ol'aanaa ta'uu isaa %97n (namoota 96) kan mirkanaa'ee fi kunis bu'aa caalmaan daataa barreeffamaa olitti mul'isu kan deeggaruudha.

c, Xiinxala Galmee fi Marii Garee

Madda daataa olitti ilaalame kana cinattis qo'annoon kun galmiilee leenjifamtoonni hojjatanii fi kan warri hinleenji'in hojjatan walbira qabuun kan ilaalee fi marii gareetis ogeeyyii garee lameenii waliin kan geggeesse yoo ta'u, kunis fooyya'iinsa leenjifamtootni gama kanaan qaban haaluma xiinxalli daataa olii garri caalu agarsiise kan mirkaneessu ta'utu mul'ata. Kallattiinis wanti hubatame:

- Leenjifamtootni (abbooti seeraa) kun galmee sababoota hin malleen beellamuurraa of qusachuudhaan galmeelee walfakkaataa ogeessotni hin leenji'iin beellamoota 6-8 itti kennan beellama 3-4tti xumuruudhaan murtii ariifachiisaa kennuuf tattaafiin godhan kan jiru ta'uu hubachuun ni danda'am. [120]

[118] Gaaffii Afaanii: Obboo , Presidaantii M/M/Aanaa Sooddoo Daccii , G/dhala 2002 (A/Seeraa warra leenji'an qofaatu jira)
[119] Gaaffii Afaanii:A/Seeraa (LHD kan fudhate isuma qofaatu jira) M/M/Aanaa Habroo, Godina H/Lixaa, G/dhala 12, 2002
[120] Aadde Zamzam Gosaa gid. Obboo Saaniyoo Aadam, Galmee Lakk. 09829/2002, M/M/Aanaa Habroo.

- Leenjifamtootnii kun kaka'uumsa mataa isaaniitiin dhaddachoota naanna'aa deemanii hojjechuuf darbee darbee waanti mul'achaa jiru, guyyaa sanbataa fi ayyaanaallee seenuun dalaguun bakka tokko tokkotti kaka'uumsa addaa kan agarsiisaa jiran ta'uu ni beekama. Sababoota kanaaf kanneen biroo ga'uumsa leenjifamtootaa waliin walqabatan irraa ka'uudhaan erga leenjifamtootni hojiitti bobba'anii kuufamni galmee baay'ee ol'aanaa ture keessattuu sadarkaa manneen murtii aanooleetti daran hir'achaa kan jiru ta'uun ni hubatama. [121]

- Leenjifamtootni dhimmoota qabatan saffisaan xumuruudhaan kuufama hojii ture salphisuun, si'oominni qaban ogeessota kaaniifirree dadammaqiinsi gama kanaan uume kan jiru ta'uu isaati. [122]

3.7. Hojiif Haaraa Osoo hinta'in Ofdanda'anii Hojjachuu

Ogeeyyiin leenji'an kun haalli hojii osoo haaraa namatti hin ta'in of- danda'anii hojjachuu fi hojjattoota waliin hojjatanis (Mana hojii sanii) ta'ee qaamota alaatiin waliigalanii atomuudhaan hojjachuu danda'uu irratti odeeffannoon / daataan/ namoota adda addaa irraa funaanameera.

i, A/Seeraa fi A/Alangaa LHD fudhatan fi Kan hinfudhatin: Xiinxala Gaaffii Afaanii

Odeeffannoon Abbootii seeraa fi Alangaa LHD fudhatan walumatti 53 irraa funaaname kun akka mul'isutti namoota yaada kennan keessaa dhibbantaan 70n Leenjiichi haala hojii abbaa Alangumaafi seerummaa dursanii baruun yeroo hojitti galanis haalli hojichaa haaraa osoo namatti hin taane kan of-dandeessise ta'uudha[123]. Sababni Abbootin seeraafi Alangaa leenji'an kuni dhimma kana dhugoomsuuf kaa'anis leenjichi shaakkallii yeroo dheeraatiin kan deegarame waan ta'eef haala hojii mana hojii itti hojjannuu dursinee akka barru waan taasiseef akka ta'eedha.[124] Abbootiin alangaafi seeraa leenjicha fudhatani haaraa nutti ta'eera jedhan immoo

[121] Gaaffii afaanii, ob. Taaddalaa Nagishoo, miiljalee 122 irratti kan caqafame.
[122] Marii Garee: Abbootii seeraa leenjii hojiin duraa hin fudhatiin lamaa fi leenji'aa tokko waliin godhame, M/M/Aa/habroo, Gurandhala 12, 2002
[123] Gaaffii Afaanii: Adde Ayyalechi, A/Alangaa W/H/Aanaa Sinaanaa, G/dhala 18, 2002
[124] Gaaffii Afaanii: Obboo Shaambal, A/Seeraa M/M/Aanaa Gimbichuu, G/dhala 25, 2002.

dhibbantaa 28.3% yoo ta'an haalli hojii haaraa itti ta'e hawaasa mana hojii fi alaatin walbaruu irratti fi yeroon itti fudhates jiddugaleessaan yeroo torbaan tokko hincaalleedha.[125]

Gama biraatiin A/Seeraa fi A/Alangaa LHD hinfudhatan 42 gaaffii afaanii irratti hirmaatan keessaa haalli leenjifamtootaa gama kanaan jiru daraan ol'aanaa 6(14%), ol'aanaa 18(43%), gaarii 16(38%), fi gadaanaa 2(5%) akka ta'e kan mul'isaniidha. Bu'aan xiinxala daataa kanaa kan warra leenji'anii olitti ilaallame irra gadi bu'uudhaan garaagarummaa guddaa kan mul'ise waan ta'eef daataan garee lameeniituu qofaa isaatti amansiisummaan isaa kan nama shakkisiisuudha. Kanaaf, odeeffannoo gara biraatiin walitti xiinxaluun dirqama ta'a.

ii, Hooggantoota M/M, W/H fi qamoolee Hirtaa adda addaa:Xiinxala Gaafii Afaanii

Hooggantoota waajjiraalee haqaa fi presidantota manneen murtii sadarkaa aanaa fi godinaatti argaman namoota 46 gaaffii afaanii irratti hirmaatan keessaa leenjitoonni hawaasa mana hojichaa fi kan biroo waliin waliigalanii haalli hojjachuu isaanii daraan ol'aanaa 9 (21%), ol'aanaa 17 (39%), gaarii 17 (39%), gadiaanaa 1 fi yada kan hinkennin 2 (4%) ta'uun yoo agarsiisan, walliigalatti daataan kun sagalee 43(93%)n leenjifamtoonnii attoomuudhaan hojjachuu irrattis fooyya'iinsa guddaa qabaachuu isaanii hubachiisa. Haaluma walfakkaatuun maamiltootaa fi qaamoleen hirtaa adda addaa kan akkaa poolisootaa, ofiseerota seeraa, barreessitoota dhaddachaa, abukaatata dhuunfaa fi mootummaa,dubbi fixxoota, itti gaafatamtoota dhimma dubartii fi bulchiinsaa fi nageenyaa, fi abbootii dhimmaa adda addaa walumatti namoota 99 gaafficha deebisan keessaa 93 (94%) haalli leenjitoonni attoominaan hojjachuu baay'ee gaarii ta'uu kan mul'isu yoo ta'u, kunis daataa madda biroo armaan olitti ilaallameen bu'aa gaarii mul'ate cimsee kan deeggaruudha.

Asirratti xiinxalli daataa akka agarsiisutti, ogeeyyiin leenji'an kun qaama kamuu caalaa warra leenjicha hinfudhatiniin waliigaluu irratti rakkoon kan jiru ta'uu isaa yoo ta'u kunis gama warra hinleenji'iniitiin ilaalchi jiru warri leenji'e ofitti amanamummaan qaban garmalee ol'aanaa akka ta'eefi sababa kanaanis isaan hinleenjine wamaa akka hinbeeknetti tuffiin ilaaluudhaan iddoo gadi- aanaa kan kennaniif akkasumas hedduu akka oftuulanitti hubachuu isaaniiti[126]. Warri leenji'an immoo hojii hojjatan keessatti leenjichi kutannoo fi of-dandeettii guddaa (extreme self confidence) kan isaan gonfachiise waanta'eef isaan hinleenji'initti hirkachuu diduu irraa kan

[125] Gaaffii Afaanii: Obboo Alii, A/Seeraa M/M/Aanaa Agaarfaa, G/dhala 22, 2002.
[126] Gaaffii Afaanii: Obboo Mohaammad, I/G/W/Haqaa Aanaa Habroo, Obboo Taajuu, Presidaantii M/M/Aanaa, Odaa Bultum, G/dhala 11-12,2002 ,Presidaantii M/M/Aanaa Loomee,G/dhala 24, 2002.

ka'e ilaalchi gaarii hintaane gama warra hinleenjineetiin isaanirratti kan uumame akka ta'e agarsiisu[127]. Rakkoo kanaaf sababiiwwan xiinxalaman keessaa:

1. Leenjitootni gita mindaa haaraa isaan kaan irra hedduu caaluun qacaramuun isaanii warroota muxannoo yeroo dheeraa qaban irratti akka iddoon gadi-aanaan kennameefiitti hubachuudhaan leenjitoota ija shakkiitiin ilaaluu.
2. Warri leenjicha hinfudhatin gamanumaan isaan leenji'an nutuffatan jedhanii sodaachuun irraa goggoguu.
3. Warri hinleenji'in kaayyoo leenjichaa karaa dogongoraan hubachuudhaan akka mirga wabii hojii isaanii irratti dhiibbaa qabuutti yaaduun fooyya'insa sirna haqaa shakkiidhaan ilaaluu fa'aadha.

3.8 Ogeessota LHD Fudhatan Rakkoolee Gurguddoo Qunnaman

Leenjifamtootni sagantaa leenjichaa hojiitti hiikuu irratti gahee bahaa jiranii fi milkaa'ina argamaa jiru olitti mata duree garaa garaa jalatti ilaaluuf yaalamee jira. Haata'uyyuu malee hojiitti hiikinsa leenjichaa keessatti leenjifamtoota hojiitti bobba'anii jiran kana rakkooleen tokko tokko mudatuun hin oolle. Gaaffii barreeffamaa gareen qo'annichaa qabxii ***"leenjii fudhattan hojiitti jijjiiruu irratti rakkinni isin mudate jiraa?"*** jedhu irratti abbootiin seeraa fi abbootiin alangaa leenjifamtootni akka guutan erga godhamee yaadni hirmaattotaa akka itti aanutti xiinxalameera.

Gabatee Lakk. 12: Xiinxala Gaaffii Barruu (A/S fi A/A LHD fudhatan)

Deebii kenname	**Baay'ina**

[127] Gaaffii Afaanii:Obboo Mulugeetaa Baqqalaa, A/Seeraa M/M/Aanaa Odaa Bultum, G/dhala 11, 2002; Obboo Abdiisaa Ganamoo, A/Seeraa M/M/Aanaa Kofalee, G/dhala 12, 2002

Rakkoon leenjicha hojiitti hiikuu nu dhoorge (quunname) hin jiru	61(49%)
Rakkooleen tokko tokko nu mudatanii jiru	61(49%)
Deebii kennuuf nurakkisa	3(2%)
Ida'ama	125(100%)

Leenjifamtoota gartokkee (walakkaa) baayina hirmaattotaa ta'aniin rakkoolee quunnaman jedhaman keessaa warri gurguddoon kan armaan gadiitti.

- Seeraa fi heeraan osoo hin taane hojmaatni barmaatilee dagaagee kan ture ta'uun walqabatee haalicha jijjiiru irratti warra leenjicha hin fudhatiniin walitti bu'uu.
- Mormii cimaa darbee darbee ogeessota hin leenji'iin waliin hojjatan irraa dhufan.
- Hojjattootni seektarichaa leenjitoota siyaasaan walqabsiisuun ilaalcha gaarii dhabuu,
- Hooggantootni darbee darbee nurraatti amantaa gatuu dhabuu, iftoomina dhabuu,
- Perezdaantotni tokko tokkoo abbootii seeraa ija tokkoon ilaaluudhiisuu galmees bifa sanaan loogiin qooduu fi kkf dha.[128]

[128] Gaaffii Afaanii:A/Seeraa M/M/Aanaa Gooroo, G/dhala 23, 2002

3.9, Yaada Guduunfaa Waliigalaa

Akkuma armaan dura qo'annoo kana kutaa adda addaa keessatti eera metti ga'uumsa A/seeraa fi A/Alangaa LHD fudhatan madaaluu irratti qo'annichi kallattiidhaan kan xiyyeeffate LHD ogeessota fudhatan irratti jijjiirama ga'uumsaa fidaa jiraachuu isaa haallan mul'isan maal fakkaatu kan jedhuudha[129]. Bu'uruma kanaanis, madaalliin kun ga'uumsicha ogeeyyotaa kan xiinxale gama ga'uumsa naamusa, beekumsaa, ogummaa, fi ilaalchaatin yoo t'au, kanas A/seeraa fi A/alangaa leenjicha hin fudhatin waliin walbira qabuudhaan karaa lamaan garaagarummaan jiru ilaalameera.

Karaan inni duraa fi inni bu'uraa A/seeraa fi A/Alangaa LHD fudhatan kana A/Seeraa fi A/Alangaa leenjicha osoo hin fudhatin yeroo walfakkaatu keessaa akkuma banoota dhaabbilee ol'aanaa irra xumuraniin battalumatti hojjiitti galaniin waldorgomsiisuudha. Asirratti muxannoon hojii ogeeyyota garee lamaaniituu hin jiru ykn gabaabaa fi walfakkaataadha. Karaan inni lammataa immoo qo'annoon kn kallattiidhaan kan irratti xiyyeeffatu yoo ta'uu baatallee ogeeyyii LHD fudhatan kana ogeeyyii LHD kan hin fudhanne ta'anii muxanoo hojii dheeraa qabaniin walbira qabuudhaan haala jiru kan ilaaluudha. Haata'u malee gama kanaan madaalliin godhuma qabxii ijoo madaalichaa (key indichators of the mensurment) hundarratti osoo hin taane isaan muraaasaafi muxannoo hojiitiin hedduu hin murtoofne (indicators not such influenced by experience) irrattiidha. Isaanis, ga'uumsa naamusaa fi ilaalchaa fa'aadha. Egaa, garaagarummaan ga'uumsaa qo'annoo kanaan argames bu'ura xiinxala odeeffannoo karaa dameen olitti ibsamanii irratti kan hundaa'e akka ta'e gaman umaan hubachuun barbaachisaadha.

3.9.1 Gama ga'uumsa beekumsa seeraa waliigalaatiin:

Qabxii ijoo ga'uumsa beekumsaa ilaalchisee ogeeyyiin LHD fudhatan kuniifi isaan osoo leenjicha hin fudhatin yeroo dhiyoo keessaa hojitti galan yemmuu walbiratti ilaalaman ga'uumsa beekumsa seeraa waliigalaa irratti garaagarumman kan hin jirreefi gareen lameenuu

[129] , Jijjiirama bu'aa LHD akka waliigalaatti fooyy'iinsa sirna haqaa irratti argamisiisu madaaluudhaa baay'ini ogeessota leenjii kana fudhatanii hojitti bobba'aniifi dheerini yeroo leenjicha booda jiru heedduu xinnaa waan ta'eef qo'annoon kun gama kanaan uwwisa hin qabu. Haata'uutii, leenjichi dhuufaa ga'uumsa ogeeyyii kanaa irratti faaydhan argamsiise jiraa laata kan jedhu madaaluu qofaa madaalliin qo'aanichaa kan uwwisuudha.

walfakkaataa akka ta'e xiinxalli odeeffannoo kanaa armaan olitti mata duraa 3.2.1 jalatti kan ilaalame xiqqeenna tuffatamuu hinqabneen kan mul'isuudha. Haata'u malee LHD ga'uumsi gama kanaan ogeeyyii kanneen gonfachiise hin jiru jechuu akka hin taane seenaa barnoota ogeeyyii kanneen gartokkee duuba jiru hubannoo keessaa galchuudhaan kan mirkanaa'uudha.

A/seeraa fi A/Alangaa LHD fudhatan kan qo'annoon kun bu'ureeffate sadarkaa barnoota isaanii yemmuu ilaalamu hundi isaaniituu dippiloomaa barnootaa seeraan kan qaban yoo ta'u isaan LHD hin fudhatin kan garee dorgomaa ta'an harki irra caalan barnootaa seeraatiin digrii jelqabaa warra qabaniidha. Akkasumas, gareen ogeeyyii leenjichaa fudhatanii kun dippiloomaa isaanii kan fudhatan garri caalu sagantaa barnoota fagoo, halkanii , gannaatiin (distance, extension and summer programmes),fi dhabbilee barnootaa dhuunfaa irraa akka ta'e pirofaayilii isaanii irraa kan hubatamu yoo ta'u, gareen inni leenjicha hin fudhatin kun immoo yuniversiitii mootummaa keessatti sagantaa barnoota idilee kallattiin seenanii waggoota hedduuf barachuudhaan digrii isaanii kan fudhataniidha. Egaa haalonni kunniin ogeeyyii garee laman kanneen gidduu hubannoo fi beekumsa seeraa ilaalchisee garaagarummaan bu'uuraa akka jiru kan agarsiisaniidha.

Kanaaf, ogeeyyii sadarkaa barnoota isaanii gadi aanaa fi isaayyuu haalli itti baratan olitti ibsame kanniin inistiitiyuutichi fudhee leenjisuudhaan eega hojitti bobba'an boodaa, qa'annoo amma godhame kanaan ga'uumsi isaanii garee isaa dorgomaa irraa fooyyee qabaachuun bu'aa waliin walqixaa fi walfakkaataa ta'aan LHD uume hanga tokkoo ol'aanaa akka ta'e kan mul'isuudha. Karaa biraatiin, ogeeyyiin leenjicha fudhatan kun isaan sadarkaa barnootaa digrii qaban waliin hojii irratti ga'uumsa beekumsa dorgomaa ta'e gonfatanii argamuun mataa isaatiin ogeeyyii kanneen isaan biro irraa adda kan godhu akka ta'e afaan guutatanii dubbachuun ni danda'ama.

Haaluma walfakkattuun, mariiwwan garee qo'aannoon kun geeggeesse irra akka hubatamuttis, ogeeyyiin LHD fudhatan kun manneen hojii keessatti hojjatanitti barruulee fi kitaabolee saayinsii seeraa irratti barraa'an akkasumas mojuloota qophaa'an hedduu kuufatanii kan qabaa ta'uu fi yeroo dhimma hojiitiif barbaahchisaa ta'ee argamutti ofii isaaniitii itti fayyadamuu irra darbee warra leenjicha hin fudhatiniifii kennuudhaan, kan hin qabnes iddoo isaa eeruudhaan beekumsa qaban yeroo yerootti haaromsaa deemuun gamattis warra kaaniifis hojjachaa barachuun fakkeenya akka ta'an xiinxalli qo'annoo kanaa ni mul'isa. Kanamalees, dhimmoota adda addaa dhiyaatan irrattis labsiilee rogummaa qabaniifi haaraa bahan, kan fooyya'an yeroo yerootti

hordofaa qabachuun kan hojjatan akka ta'es ilaalameera[130]. Egaa, haalli kunis dhufaatii ogeeyyota leenj'aniin dura kan hedduu hin barataminiifi aadaan akkanaa kun manneen hojii haqaa keessatti baratamaa dhufuun isaa jijjiirama hubannoo seeraa warra leenji'an irratti ciminaan argame waan ta'eef, akka ga'uumsa beekumsaa addaatti ilaalamuu kan danda'uudha.

3.9.2 Ga'uumsa ogummaa seeraa (skill) ilaalchisee

Dhimma dhiyaatuuf seera gagummaa qabuufi adeemsa seeraa ilaallatuun adda baasanii himata qulqullina qabu ykn falmii seera irratti hundaa'e geggeessuufi murtii qulqullina qabu kennuu irratti, himata dhiyaatus ykn murti kenamu raga ulaagaa leeraa guuteen deeggaruu fi keewwata seeraa sirrii ta'e caqasuudhan hundeessuu irrattis xiinxalli odeeffannoo qo'annoo kanaa kan agarsiisu (mata duree 4.2). ogeeyyiin LHD fudhatan ga'uumsa ol'aanaa akka qaban ilaalameera. Kun immoo hanqini tokkollee hin jiru ykn ga'uumsi gama kanaa hojichi barbaadu guutumatti argameera jechuuf akka hin dandeessifne qo'annoon kunis kan hubatuudha. Gama kanaan, warri leenjicha hin fudhatinis ga'uumsa ogummaa seeraa walfakkaatu akka qaban akka waliigalaatti yoo hubatames, isaan LHD fudhatan foyyee addaa qabaachuu isaanii kan agarsiisan wantoota tokko tokkoo xiinxalli odeeffannoo galmee dhimmaa doo'annaa dhaddachaa fi marii garee irraa argame kan mul'isuudha. Xiinxala dhimmootaa (galmee) ogeeyyii leenji'aniin hojjatamaniifi kan isaan hin leenjii'iniin hojjataman walbira qabuun qodhameen, galmeewwan warra leenjii fudhatee hojjataman garri caalu qulqullinaan kan hojjataman, fkn, moggaasa maqaa A/seerichaa ykn A/Alangichaa dhimmicha ibaluufi maqaa falmitootaa ifaafi guutuun kan barraa'e lakkoofsa fuulaa fi guyyoota beellama kan ibsu (Barreeffame), guyyaa beellamaatti maaltu akka hojjatameefi sababa beellamni biro kennameef, ajajoota sababii waliin haala ifaan kennama, kkf guuta marii hojjatamuu isaaniittu hubatama. Gama biraatiin galmeewwan warra hin leenjineen hojjataman qo'aannoon kun kan ilaale keessaa maqaa walfalmitootaa moggaasuu dhabuu, ykn

[130] , Marii garee iddoo adda addaatti oogeeyyii leenji'aniifi kan hin leenji'in waliin taasifame irratti, warri hin leenjin yaada ibsaniin kitaabilee seeraa fi labsiilee seeraa keessuumaayyuu haaraa yemmuu barbaadaa ogeeyyii leenji'an kana irraa akka argatan, kunis sababa LHDn faaydaa argame akka ta'e haala walfakkaatuun kaasu.

guyyaa barraahuu dhabuu, fuulli waraqaa galmichaa hundaa irratti barraahuu dhabuu, ajajoonni kennaman ifa ta'uu dhabuu, sababiin beellamaa kennamuu dhabuu fi kkf argameera.

Akkasumas, himata qophaa'an keessatti kan A/Alangaa leenjii fudhatan qopheessan, guyyaa himanni qophaa'e, yakka raawatame iddoo, yeroo fi haala raawwii isaa, keewwata seeraa darbame, ibsa ragaalee eeyyummaafi teessuu isaanii waliin ifa ta'e kan mul'atu yoo ta'u galmeewwan A/Alangaa warra leenjicha hinfudhatiniin hojjataman hedduu keessatti immoo qabiyyee himatichaa keessaa, guyyaa ykn gosa yakkichaa, ykn eenyummaa akkamaa ykn ragootaa guututti ibsuu dhabuu, keewwata sirrii ta'e arqasuu dhabuufi kkf ilaalamaniiru. Murtiilee keessattis warrileenjicha fudhatan, firiiwwan dubbii ijoo dubbi keewwata ilaallatu, xiinxala raga dhiyaatee sababii isaanii waliin kan mul'atu yoo ta'u, kan isaan leenicha hin fudhatinii immoo, firii dubbiitii ijoo dubbii walmakuu, himata fi deebii (siviilii), jecha ragootaa akkuma jiranitti murtii keessatti gargalchuu, sababa adabbiin salphatee fi ykn cimeef ibsuu dha buufi kkf baayi'inaan argameera.

Akkasumas, himata qophaa'an keessatti kan A/Alangaa leenjii fudhatan qopheessan, guyyaa himaniin qophaa'e yakkaa raawatame iddoo, yeroo fi haala raawwii isa, keewwata seeraa darbame, ibsa ragaalee eeyyummaa fi teessuu isaanii waliin ifa ta'e kan mul'atu galmeewwan A/Alangaa warra leenjicha hin fuudhatiniin hojjataman hedduu keessatti immoo qabiyyee himatichaa keessaa, guyyaa ykn gosa yakkichaa, ykn eenyummaa akkamaa ykn ragootaa guututti ibsuu dhabuu, keewwata sirrii ta'e caqasuu dhabuu fi kkf ilaalamaniiru. Murtiilee keessattis warrileen jicha fudhatan, firiiwwan dubbii isoo dubbii keewwata ilaallatu, xiinxala raga dhiyaatee sababii saanii walii kan mul'atu yoo ta'u kan isaan leenjica hin fudhatinii immoo, firii dubbiifi ijoo dubbii walmakuu, himata A/Alangaa ykn himataa fi deebii (siviilii), jecha ragootaa akkuma jiranitti murtii kessatti gargalchuu, sababa adabbiin salphatee fi ykn cimeef ibsuudha buufi kkf baay'inaan argameera.

Haaluma kanaan, tumaalee seeraa bu'ura qajeeltoowwan heeratiin walsimsiisaanii hiikuu irratis, ogeeyyiin leejicha fudhatan kan ittiin hojjatan ta'uu fi bakka barbaachisetti immoo keewwata heeraatis kan caqasan ta'uu fi warri leenjii hin fudhatin garuu heera mootummaa akka sanada siyaasaatti qofa ilaaluun gon kumaa kan caqafamuu hin qabne akka ta'e, waa'ee heeraa m/mare federshinii malee A/Seeraa kaasuu kan hin qabne akka ta'etti kan amanan akka ta'e marii garee taasifame irratti xiinxalli godhame ni agarsiisa. Egaa, akka waliigalaattis, ga'uumsa ogummaa

seeraa ilaalchisees, hanqini yoo jiraateeyyoo, ogeessonni LHD fudhatan isaan warra hin fudhatin caalaa fooyyee akka qaban keessattuu heera mootummaa bu'ureeffachuun hiikkoo seeraa kennuu fi qulqulina himataa fi murtii irratti sirna isaa guutanii barreessuu irratti ga'uumsa ogummaa adda ta'e akka qaban dubbachuun ni danda'ama.

3.9.3 Naamusa ilaalchisee

Gama ga'uumsa naamusaatiin ogeessonninleenjicha fudhatan warrn leenjicha hin fudhatan garee dorgomaa olitti ilaalmeefi garee oggeeyyii muuxannoo hojii waggoota hedduu qaban waliin walacinaatti kan madaalaman yoo t'au, bu'ura kanaanis sa'aa hojii kabajuufi faaydaan hojjachuu irra bilisa ta'uu ilaalchisee xiinxalli odeeffannoowwan argamanii akka mul'isutti warri leenjicha fudhatan tasumaa kan hin shakkamne akka ta'an hirmaattonni odeeffannoo ni irraa argame hundi haala walfakkaatuu raga bahuun isaanii ga'uumsa adda mirkaneessa.

Akkuma naannoo oromiyaattuu himannaa naamusaa eega, ogeeyyiin leenj'an kun hojitti galanii as dhiyaate fi murtii argate 20 ol ta'u keessaa warri leenji'an namoota lama qofa yoo ta'an, dhimmi isaaniitis beellama irra kan jiruufi gosni naamusichaatis sagaagaltummaa fi jeequmsa keessatti hirmaachuu kan jedhu akka ta'e odeeffannoon hooggantoota manneen hojii sadarkaa oromiyaatti jiran irraa argame ni ibsa. Hanqini naamusaa kun kan hin murtaa'in ta'uun alattis naamusa ogeeyejjin (LHD) kun akka waliigalaatti qaban baay'ee fooyya'aa ta'uu isaa kan haaluu miti. Ga'uumsi naamusaa ol'aanaan akka walii galatti argame kun akkuma jirutti ta'ee, ogeefyiin LHD fudhatan kun isaan warra leenjicha hin fudhatin irraa adda wanti godhu iddoowwan qo'annoon kun qaamaan dhaqaba hundattuu A/Seeraa fi A/Alangaa LHD fudhatan faay'dhaan

hojaachuun tasumaa kan hin shakkamne ta'uu isaanii hojjattoota qamolee haqaa hawaasicha tajaajilamuun amanamummaa guutuu argachuu isaaniiti.

3.9.4 Ilaalcha tajaajiltummaa irratti

Gama kanaanis, abbaa dhimmaa kabajaa fi quuqamaan keessummeessuudhaan sa'aa boqonnaa qaban hunda wareeguun tajaajila saffisaa kennuun, akkasumas, hojii hojjataniifi fooyya'iinsa sirnichaa galmaan ga'uuf tattaaffii godhaan irratti kutannoofi ofitti amanummaan ogeessonni leenji'an qaban ogeessota hin leenjii'in kamuu biratti kan hin jirre akka ta'e, sababa kanaanis akka waan oftuulanii fi of jajaaniitti ogeessota leenjicha hin fudhatiniin ilaalamuuf akka

saaxilaman xiinxalli odeeffannoo kan agarsiisuudha. Haata'uutii, ilaalcha barmaatilee manneen hojii kessatti mudataniin osoo hin liqinfamin akkaataa kaayyoo leenji'aaniifiin hojjachuuf kufannoo fi ofitti amanummaan gonfatan akka ga'uumsa addaatti kan hubatamuudha.

3.10 Yaada Furmaataa (RECCOMENDATIONS)

Bu'aaleen ciccimoon armaan olitti ilaalaman haaluma sanaan ittifufuu kan irra jiru ta'ee, garuu wantoonni SLHD irratti ammas fooyya'uu qaban tokko tokko akka jiran qo'annoon kun yaada furmaataa waliin ni akeeka.Isaanis:

1, Akkuma xiinxala odeeffannoo olitti ilaalame irraa hubachuun danda'amutti, ga'uumsi ogeessota LHD fudhatanii gama naamusaa fi ilaalchaan jiruu ogeeyyii biroo caalaa hedduu gaarii ta'us, bu'aa kanaan osoo of hindagatin ammas hir'inoota muraasa mul'atan cufuudhaaf leenjicha haala keessa leenjitootaa jijjiiruu danda'uun cimee itti fufuu qaba. Gama beekumsaa seeraa waliigalaatiin immoo leenjitoota isaan kaan irraa wanti adda godhu hedduu olaanaa yoo ta'es hir'inni ammas kan jiru ta'uu daataan mul'isu tuffatamuu kan hinqabne akka ta'e qo'annichi hubateera. Sababiin

isaatis olitti (mata duree 3.3.1,jalatti yaada guduunfaa) ibsame akkuma jirutti ta'ee Inistiitiyuutichi ogeessota LHDf yemmuu calalu madaallii cimaa liinji'aa dandeettii beekumsa seeraa bu'ura ta'e qabu calaluuf dandeessisu hundeessuu qaba.Yaadni kun ga'uumsa naamusaatiifis nihojjata. Odeeffannoon gama kanaan argame kan agarsiisu madaalliin sirna calallii leenjitootaa laafaa ta'uu irraa kan ka'e leenjitoonni beekumsa seeraa waliigalaa irratti dadhabina bu'uraa qaban salphamatti darbuu akka danda'aniidha[131].

2, ga'uumsa ogummaa seeraa irrattis ogeessonni leenjicha fudhatan isaan warra osoo leenjicha hinfudhatin haaraa hojitti galan irra fooyyee kan qaban ta'uu odeeffannoon argame akka waliigalaatti mirkaneessus darbee darbee hanqini gama murtii qulqulinaan barreessuu, adeemsa falmiilee irratti tartiiba eeganii deemuu, murtii kenname raawwachiisuu fi kkf irratti akka jiru xiinxala galmee fi doo'annaa dhaddachaa irraa hubatameera. Isa kana caalatti fooyyessuufis turtii leejii keessatti

[131] Daataa gaafilee afaanii ogeessota leenjicha fudhatanii fi hooggantoota qaamolee haqaatiif dhiyaate irratti argame.

sagantaan gosa leenjii seerota deemsa falmii, barreessa murtii, adeemsa raawwii, seera ragaa fi kkf irratti kallattii fi bal'inaan xiyyeeffatu dhimmoota qabatamaa fi agarsiisa shaakalaa (moot court practice) gahaa ta'een deeggaramee kennamuu akka qabus odeeffannoon qo'anicha nimul'isa.Akkasumas leenjiiwwan ga'uumsa ogummaa irratti rogummaa kallattii qaban kan akka seerota deemsa falmii, dhagahaa fi xiinxala ragaa, barreessa murtii fi raawwii…kkf plaasmaadhaan osoo hinta'in kallattiin/qaamaan osoo kennamanii.

3, Gama ga'uumsa naamusaa fi ilaalchaatiin immoo haalli jiru daraan ol'aanaa akka ta'e qo'annichii yoo mirkaneesses, hanqinoota muraasa (incidental)[132] gama kanaan mul'atan guutumatti fooyyesuudhaafis madaallii calallii cimaa fi ifa ta'e hundeessuu fi akkasumas leenjirrattis ta'ee shaakallii irratti too'annoo fi hordoffiin cimaan osoo addaan hincitin godhamuu akka qabu qo'annichi odeeffannoo argame irraa hubatee jira.

4, Leenjistoota muxannoo hojii A/Seerummaa fi A/Alangummaa dheeraa qaban bal'inaan ittifayyadamuun ammas sirritti kan irratti hojjatamuu qabu ta'ee, leenjiin leenjistootaaf tooftaalee fi malaawwan (training skill and methodologies) irratti bal'inaa fi xiyyeeffannaan haala itti fufiinsa qabuu kennamutu irra jira. Qaamolee leenjitoonni shaakalliidhaaf biratti bobba'anii fi hojiinis biratti ramadaman waliinis walitti dhufeenya cimaa uumuudhaan sirritti hojjatamuu qaba.

5, Rakkoolee leenjitoota hojii irratti mudatan keessaa inni tokkoo fi guddaan ilaalcha warri hinleenji'in isaan irratti qaban akka ta'e armaan olitti ilaalameera. Sababiin bu'uraa rakkoo kana duuba jirus hubannoo kaayyoo fi ergama Inistiitiyutichaa irratti fi keessattuu barbaachisummaa LHD irratti warri hinleenji'in qaban dogongoraa fi gadi-aanaa ta'uu isaa waan ta'eef, haala kana jijjiiruu irrattis qaamolee ilaallatan waliin sirritti hojjachuun milkaa'ina hojii leenjitootaaf hedduu murteessaa ta'uun isaa hubatamuu kan qabuudha. Warra leenjirra jiranis ta'ee kan fuuldura simatamaniifis hojiin kun murteessaadha. Inistiitiyuutichas ta'ee sagantaa leenjii ilaalchisee hubannoon jiru tokko tokko dogongoraa waanta'eef yaada fi ilaalcha dogongoraa

[132] Oodeeffannoo gaafii afaaniitiin M/M/W/ Oromiyaa fi Biiroo Haqaa Oromiyaa irraa argame.

kana hambisuufis hojiin hojjatamuu qabu kan jiru ta'uu isaati jechuudha. Fakkeenyaaf dogongora hubannoo irraa kan ka'e leenjitoonni Instiitiyuuticha ***"Guwantanamoo"*** jechuun yemmuu waaman fi isaan tokko tokko immoo akka dhaabbata ergama siyaasaa qabuuttis yemmuu shakkan mul'atu, qoosaa fakkeessuudhaan.